


# GALAALCHA DIRREE




Bara 1 Lakk. 21 | Maxxansa Torbe | Wixata - Fulbaana 3 - 2014 | Gatii Qar. 2:00

## Sassaabbii Gibiraaf shoorrii Teknooloojii murteessaa ta'uun ibsame.

Sassaabbii Gibiraa Amayeessuun Infoormeeshin Teknooloojiin deegaruun Amayeessuuf Pirojektii geggeefamaa ture eebbifamee walharkaa fuudhiinsi raawwatame.

Kurfii kana irratti haasawa kan taasisan Daayireektarri Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Galiiwanii Obbo Abdulsalam Mahamad akka jedhanitti milkaa'ina Sassaabbii Gibiraaf Infoormeeshin Teknooloojiin shoorrii qabu akkaa ol'aanaa ta'uu eeranii kanaaf Pirojektii Amayeessa Sassaabbii Gibiraa kun baasii Birrii Miiliyoona 2.5 oliin geggeefamuu ibsan. Obbo Abdulsalam Pirojektii Amayeessa Sassaabbii Gibiraa kun Hoj-maata Sassaabbii Gibiraa Ammayaawaa, Amansiisaa, Saffisaa fi Dhaqabaa taasisuuf bu'aan qabu ol'aanaa ta'uus addeessan.



Waltajjicha irratti Itti Aanaa Kantiibaa Bulchiinsaa fi Hoogganaa Biiroo Daldala Indastiriin fi Investimentii Obbo Kadir Juhaar gama isaan Hoj-maata Sassaabbii Gibiraa Ammayeefame kanaan Galii Dinagdee Bulchiinsaa maddisiisuu irraa Gibiraa sassaabamuu qabu akka sassaabamuu qabu dhaaman.

Kurfii Eebbaa fi walharkaa fuudhuu Pirojektii Amayeessa Sassaabbii Gibiraa kana irratti dabalatee Hooggantoonni Ol'aanoo Bulchiinsaa fi Dhaabaa argamaniiru.

Pirojektii Amayeessa Sassaabbii Gibiraa kun Sassaabbii Gibiraa Amayeessuun cinatti Hoj-maata Sassaabbii Gibiraa Xalayaa irraa gara Teknooloojiitti kan jijjiiruun bu'aa ol'anaa kan qabu taachaas addeessaniiru.

## Ijaarsa Bu'uraalee Misoomaan gaaffii Ummataa guutuuf Xiyyeeffannoon kennameefi.

Waajjira Hojii Geggeessaa Magaalaa Dirree Dhawaatii fi Dhaabbilee Waajjirichaaf waamamoo ta'an bara bajataa 2014tti Karoora hojiiwwan raawwachuuf qabate irratti hojjatootaa waliin marii geggeesse.

Marii geggeefame kana irratti Itti-gaafatamaan Waajjira Hojii Geggeessaa Magaalaa Dirree Dhawaa Obbo Abduljawaad Mahamad

Karoora hojii bara 2014 gaaffiiwan Ummataaf xiyyeeffannoo Ol'aanaa laachuun hojiiwwan Ijaarsa Bu'uraalee Misoomaa Guddina hawaas-Dinagdee Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dhawaa fooyyessuu dandeesisan hojiiwwan idilee Pirojektoota bajata Bulchiinsaa fi Fandii Dhaabbilee Deegartootaa irraa ramadameef Birrii Biiliyoona 1 oliin

raawachuuf Kurfii haalduree xumuruun gara boqonnaa raawiitti galuu



karoora irratti Ogeeyyii hubannoo qabaatanii akka raawwataniif mariin kun geggeefamaa jiraachuu ibsan.

Obbo Abduljawaad itti dabaluu Bara 2013tti Xiyyeeffannoo ol'aanaan hojii Dhaabbilee Maashinoota fi Meeshaaleen Gurmeessuu raawannee milkaa'ina hojii Barana Karoorfannee kan deegaruun utuu waan ta'eef humna qabnu duguugnee itti fayyadamuun milkeessuuf hojjachaa birraa jedhan.

Waltajjicha irratti Bara bajataa 2014tti Karoora hojii raawwachuuf qabaman kan Waajjira Hojii Geggeessaa Dhaabbileen Waajjirichaaf waamamoo ta'aniin Hojiiwwan idilee fi Pirojektiin karoorfaman dhiyaatanii mariin irratti taasifameera.

## Miidhaa Balaa Tiraafikaa ittisuuf qaamoleen ga'ee qindoominaan hojjachuun murteessaa ta'uun ibsame.

Qopheessummaa Abbaa Taayitaa Geejiba Federaalaa Waajira Damee Dirree Dhawaattiin Waltajjii Marii qaamolee ga'ee Ogeeyyii Komunikeeshinii fi Miidiyaa fi Dhaabbilee Amantaa waliin Mariin kun kan taasifame irratti haasaa ga'u irrissuuf qaamolee ga'ee waliin mariin geggeefame.

Miidhaa Balaa Tiraafikaan ga'u irrissuuf qaamolee ga'ee waliin mariin geggeefamaa jiru kun '' Daandiin jireenyaf '' dhaadannoo jedhuun mariin paanaalii qaamolee gara garaa irratti hirmaatan geggeeffameera.

Wal-tajjii marii kana irratti haasaa baniinsaa kan taasisan Abbaa Taayitaa Geejiba Federaalaatti Daayireektara Olaantuu Waajira Damee Dirree Dhawaa Saadaa Awaalee akka jedhanitti balaan Tiraafikaa miidhaa lubbuu namaa irraan yeroo gara yerootti geesisaa jiru





hamaachaa jiru ittisuuf hojii hojjatama jiruun bu'aan galmaa'aa jiraachuuf addeessan.

Balaan Tiraafikaa miidhaa lubbuu namaa fi qabeenya irraan ga'aa jiru ol'aanaa ittisuuf yerootti geesisaa jiru hubannoo hawaasaa cimsuun balaa miidhaa ol'aanaa Biyya teenya irraan ga'aa jiru ittisuuf hunduu ga'ee gama isaa akka bahatuus dhaamaniiru.

Marii kana irratti Ogeeyyii Komunikeeshinii fi Miidiyaa fi Abbootiin Amantaa miidhaa Balaan Tiraafikaa ga'aa jiru irratti hubannoo Hawaasaa uumuu irratti xiyyeeffannoon hojjachuun miidhaa ol'aanaa Biyya teenya irraan ga'aa jiru irrissuuf

Gara fuula 6 tti naanna'e

# MAGAALAA DIRREE DHAWAA

Magaalaan Dirree dhawaa magaalaa baha Oromiyaa ona afranqallooti.Afran qalloon gosoota oromoo keessaa kan bareentooti.Afraan Qallon ilmaan afur dhale. Isaaniis

Oborraa ,Dagaa, Baabbile fi Ala kan jedhamanii

dha . tartiiba isaanis waliin haa ilaallu.

• OBORRAA ~ Akkichuu, Biili,Dooranii fi Daga dhale

• DAGA ~ Jarsoo, Huumeefi Noolee dhale. Ilmaan dagaa magaalaa dirree dhawaa keessaa baayyinaan jiraatu

• BAABBILE ~ Hawwiyyaa,Areelee ,Heebanii fi Giiri

• ALA ~ Ala kudha lama dhalee Abbaadho ,Abbayii ,Gutaayyuu ,Ere, Arrojjii, Buubbu, Nuunnu,Diiramu, Meettaa,Galaan, Gooloo fi Kaako dhale.

Magaalaan Dirree dhawaa Seenaaniis ,Seeraanis lafa Oromooti.

Moggaasni Maqaa Magaalaa Dirree Dhawaa

Jaarsa maqaan isaa Dhawaa Muudee Elemoo jedhamu ilmaan Afran Qalloo keessaa gosa Alaatirraa

ta'e kan mudhii oliin qullaa deemu irraa akka moggaafamte Seenaan ragaa bahaa .

Jaarsi kuniis Abbaa Dirree Dhawaa jedhamuun beekkama.

Jaarsi kun nama Sheekhummaas ta'ee

damiinummaas hin qabne kan magaalaas hin beeynedhajedhu. Garuu manguddoo raagaa akka ta'ee Maggoondaan gannaa 102 Abbaan Seenaa Dirree Dhawaa Aliyyee Roobaa Humbannaa ni dubbattu.

Tilmaamaan Magaalaan Dirre dhawaa

Finfinnee irraa Km 515

Harar irraa km 55 fagatti

Jabuuti irraa km 311 fagaatti

Magaalaa durii Jaldeessa irraa km 45 fagaatti

Adaamaa irraa km 415 fagaatti

Ciroo irraa km 189 fagaatti

Calanqo irraa km 69 fagaatti Haramaayaa irraa km 35 fagaattee arkamti .

Hanga dhuma jaarraa 19ttii lafti magaalaa Dirre dhawaa lafa horsiisee bultoonni irraa bobboofatan jedhama . ummanni Gaarreen Hararge irraa loon isaanii qabatanii Gara magaala Dirre dhawaa tti deddeebiuuud-haan Dheechifachaa akka Turan Ni dubbatama .

finfinneefi Dirre dhawaadhaaf



Daandii baaburaa yaanni kan dhiyaates 1877 tauutu himama yeroo sana lafti magaalaan Dirre dhawaa irratti ijaaram-tee bosona keessi isaa bineensota hedduun guutame ta'uu abuuraan biyya farance tokko Barreesse Ture muddee 1902 daandiin baabura dire dhawaa yoo dhaqqabu lafti duraan Qullaa Turte foolii magaalummaa Qabaachuu jalqabde .

sababa ijaarsa baaburaafi daandii baabura Dirre dhawaa tiinis suuqiwwaan manneen jireenyaa ijaaramuu Eegalan Dirre dhawaan magaalaa ta'uudhaan waggaa tokko qofa akka itti fudhate bar-reeffamni waa'ee magaalattii Tokko ni ibsa osoo oolee hin bulinis daldatoonni indiafi arabaa Dirre dhawaa tti waa bituu fi Gurguruu eegalan lafti bakka magaalaa jedhamtu kunis saffisaan Guddatte maalif jennaan injinaroonni jajjaboon kanneen akka faarji urop italifi Greek naannawaa sana waan qabataniif ..

Kaziiraan ammoo Silumaa warra urope keessa jiraachuu qofaaf eeyyamte .kaziiraan kutaa magaalaa Dirre dhawaa keessaa tokko Yoo taatu lammileen yurop garuu lafa baldhoo Dhuunfachuun irraa jiraataan turan boodarra lafa gariillee Kireefachuu eegalan

Magaalaan dirre dhawaa hanbaawaan addaa addaa ni qabdi

Dhufaatii baabura lafaatiin walqa-batee bara 1902tti Magaalaan Dirree Dhawaa dhaabbatte.

Bara 1908tti manni barnoota ammayyaa kan Faransaay dhaabbate.

Bara 1908tti manni maxxansaa jalqabaa dhaabbate. Gaazeexaa matadureen

isaa AMIROY jedhamu oomishe.

Bara 1911tti Hospitaalli Faransaay tajaajila fayyaa hawaasaaf kannuuf dhaabbate.

Bara 1919tti manni barnootaa hawaasa Giriik dhaabbate.

Mana jireenyaa Sheek Ibraahim Billisaa kan bara 1919tti ijaarame

Bara 1928tti daandiin Dirree Dhawaafi Harar walqunnamsiisu hojjatame .haatahuu malee Konkolaatan Magaalalee kana lamaan jiddu kan deeme waggaa tokko booda jechuun bara 1929tti.akka ta'e Ni Himama.

~ Dildilaa Dachaatuu bara 1966tti hojjatame.

~ Jiddu Gala gabaa Kafraa bara 1940tti dhaabbate.

~ Siidaa Yaadannoo Looltoota Ingilizii sadiifi biyyoota Afriikaa kan biroo 73 babaliinsa Xaaliyaanii mormuun ajjeef-aman fi k.k.f kaasuun ni danda'ama.

Dirreen Dhawaa lafa daldalaaf mijjooytu waan taateef Faransaay bu'uraalee Misoomaa bifa garaga-raatiin diriirsuufi baballisuu eegalan haaluma kanaan bara 1929tti warshaan Daakhuu fi Makkoroonii dhaabbate abbaa qabeenyaa lammii Faransaay Henry Man fire jedhamuun.

Bara 1935tti manni barnootaa hawaasa Indiyaanootaa ykn Baaliyaanootaa dhaabbate.

Bara 1935tti akka biyya kanatti yeroo jalqabaaf " Cobble Stone " ykn dhagaa Koobiliidhan Karaan(Dandiin ) kan hojjatamee magaalaa Dirree Dhawaa Keessattidha .

Yaaddannoo Kana ibsuufis Siidaan Koobilii magaalatti keessatti dhaabba-tee jira.

Dirreen Dhawaa Oromiyaa bahaa Ona Afran Qalloo lafa olaantuu gama

jalaatti Dirree Gammoojjummaa qabduufii gama gubbaatiin Qilleensa

Qabbanaawaafii oowwaa qabdi.

Magaalattiin kaabaan dagalee 927 fii kibbaan 949 jiddutti akkasuma

Bahaan gadee 4138 fii dhihaan 4219 jiddutti arkamti. Qubsumaan lafa

akka Dhangaggoo, Qarsaa, Laangeey, Calanqoo, Qullubbii , haramaayaa,K-hombolcha, Huurso, Erer ,Halchoofii Sarkamaa wajjiin daangaa qooddatti.

Dirreen Dhawaa haala qilleensaa sadeenuu jachuun

Gammoojjii

Gammoojjii hoo'aa

Baddaa

Haatahuu malee qilleensi magaalattii hoo'aa fii goggogaadha.

Guddaan 34°c yoo tahu xiqqaan 18.2°c taha.

Dimshaashumatti lafti Dirree Dhawaa sirrii irra galaanaa meetira 960

irraa hanga meetira 2500 dheeratti oloo.

Roobni waggaan milii meetira 617 yoo tahu gammoojjii hooaa waan

taateef yeroo Gannaatiifi Birraa beekhuuf rakkisaadha.

Maqaa Baadiyyaalee Dirree Dhawaa kan Duraanii

Garba aannannoo

Jaldeessa

Qaallicha

Balawa

Kurtuu

Awwaallee

Biyyoo awwaallee

Bishaan bahee

Bakkee Halloo

Adaada

Laga Birraa

Laga Dool

Laga harree

Laga odaa mirgaa

Laga odaa gunnuunfataa

Ija aannanii

Harallaa

Malkaa jabduu

Halloo busaa

Dhujuma

Waahil

Hasallisoo

Hululu mojoo

Fii kanneen birootiis ni jiru

Gaarreen Dirree Dhawaa Marsan 11kanneen armaan gadiiti.

---

Daalu ,Gaara Qafiiraa

Gaara Khiyyoo

Gaara Dibooyle

Gaara Kooraa

Gaara Toomaa

Gaara Raabaal

Gaara Falama

Gaara Diimaa

Gara fuula 6 tti naanna'e

# Ijoo Dubbii

## "Kan darbe Gundoo kan hafeef Guddoodha"

Yeroon Of-duuba hin deebite, dhaabbatee nun eegdu, bara Adunyaan dorgommii akkaa saffisaa keessa seenee akka malee saffisaa jirtu kanatti Yeroon Sekoondiinu bu'aa ofii fi gatii qabdi namoonnii fi Biyyoonni kana hubatanii sirnaan itti fayyadaman Sadarkaa Guddina ol'aanaa irra ga'uu danda'aniiru.

Namoonnii fi Biyyoonni kana hubatanii sirnaan itti hin fayyadamin Sadarkaan Guddina isaanii gadaanaa rakkoolee gara garaan xaxamaa keessa seenuu daran jiruu fi jireenya ofii fi maatii ofii isaanii geggeessuu fi fedhii bu'ura dhala namaa kan ta'e nyaata ga'aa nyaatanii jiraachuufillee ni rakkatu.

Garaagarummaa bal'aan kanaaf maddi Ijoon haala ittifayadama yerooti.

Ummanni Oromoo yaadaa fi dhaamsa isaa Afoolaan ibsaa.

Gosa Afoolaa kan Oromoon yaadaa fi dhaamsa isaa itti ibsatu keessaa Mammaaksi isa tokko.

Kabajamoof dubbiftoota Galaalcha Dirree dhimma Gosa Afoolaa fi Mammaaksaas waa malee hin kaafne duuba akkuma Mata duree kurfiin barruu teenya tana arraa mul'isutti "Kan darbe Gundoo kan hafe Guddoo"

Jechuun jalqabe irraa akkuma hubachuu danda'amuttii tana Dabarte irra tan dhuftu ba'aa caalu akka qabdu Mammaaksi kan ibsu kanaafuu yeroon ammaas akka yeroo Bara xumure waggaa arraa bara 2013 jiruu fi jireenyi keenya roga maraan akkam ture, Karoora akkamii qabanee ture, Karoorri qabanee ture hamma milkeessinee yeroo itti sirriitti foonee

bara 2014tti hoo maali raawwachuu fi milkiiwan galmeefachuu qabnu yeroo itti foonee hojiitti ga'uuf qophii goonu irratti waan argamnuuf Kaayyoo qabnu milkeefachuuf Karoorfannee gaaffiiwan Ummataaf xiyyeeffannoon hojjachuun dirqama nurraa jiruudha.

Utuu dhiphinaaf harka hinkennin deemsa kee ittifufi. Gaaf tokko of duuba ilaaltee cimina irraa barattee nihubatta. Daangaan akka ati hindabarre sigochaa ture obsa qabduun hurraa'ee riqicha irra ceetu sii ta'a. Jabaattee dhaabachuun qilleensa hamaa dandammattee firii wal'aansoo keetii agarta.

Garuu jabinaafi obsa cimaa sibarbaachisa; yoo akkas ta'eef isa kanaan duraa caalaa ol kaatee mul'atta. Keessumaa waggaa haaraatti yeroo seentu karoora qabaadhu. Karoora baafatte kanas bakkaan ga'uuf yeroo carraaqxu haalli salphaa akka hintaaneefi hojii akka si gaafatu hindagatin.

Karoora ati baafate akka bakka hingeenyeef kanneen taasisan akka jiraatan beeki. Waggoottan darban lamaan kanaaf ragaadha. Haalli kamuu yoo jiraate jabaattee tarsiimoo sirrii qabaannaan humni lafa kana irraa si daangessu akka hinjirre beeki.

Ati tole jettee harka kennannaan kana gochuuf boodatti hindeebi'an. Karoorri ati qabdu abjuu halkaniitti jijjiiruu danda'u. Keessumaa yeroon kun yeroo murteessaadha. Yoo jabaattee hojjette jijjiirama fiduuf guyyoottan 365 fuula kee dura jiru.

Kaayyoo sirrii, karoora sirrii qabaadhu. Nama abdiin guutuu ta'i. Kaayyoo kee irraa ija hinbuqqifatin; abjoochuus hindhaabin; haala natti tola jettullee yoo jiraate keessaa ba'uun karoora fuula kee duratti diriirsiteef amanamaa ta'i; bakkaan ga'uuf aarsaa sigaafatu kamiin iyyuu kanfaluuf qophaa'i. Waan guddaan ati beekuu qabdu yoo jiraate rakkoon kamiyyuu yeroo si mudatu booda kan si deebisu utuu hinta'in caalaatti kan si jabeessuu akka ta'e yaadachuu qabda.

Sababiinsaa adeemsa jireenyaa keessatti wantoonni abdii si kutachiisuu dandaa'an hedduudha. Sagaleen ati keessa keetii dhageessu iyyuu abdii si kutachiisuu ni danda'a. Isa kana dhaggeeffachuu dhaga'uun abdii kutachuurraa of qoqqobbadhu. Yeroo tokko fatteen bosona keessa gartuun utuu deemanii lama bolla keessa seenan. Fatteen boolla keessa seenan lamaan kun boolla gadi fagaatu sababa ta'eef keessaa ba'uuf jedhanii yaalanii dadhaban. Sanaan booda yeroo warri boolla keessaa irra deddeebi'anii ba'uuf carraaqan fatteewwan ala jiran itti qoosu.

Gara fuula 7 tti naanna'e

# Ajandaa

## Waan moofaa hin bareenne keessaa ba'i

Bara haaraa as nutti deema jiru kanatti yeroo ofii laadhu waan gaari dabarsitee fi yeroo gadhee dabarsite yaadi waan fooyyessuu qabdu baayye qabda humnaa fi

Yeroon Of-duuba hin deebite, dhaabbatee nun eegdu, bara Adunyaan dorgommii akkaa saffisaa keessa seenee akka malee saffisaa jirtu kanatti Yeroon Sekoondiinu bu'aa ofii fi gatii qabdi namoonnii fi Biyyoonni kana hubatanii sirnaan itti fayyadaman Sadarkaa Guddina ol'aanaa irra ga'uu danda'aniiru.

Namoonnii fi Biyyoonni kana hubatanii sirnaan itti hin fayyadamin Sadarkaan Guddina isaanii gadaanaa rakkoolee gara garaan xaxamaa keessa seenuu daran jiruu fi jireenya ofii fi maatii ofii isaanii geggeessuu fi fedhii bu'ura dhala namaa kan ta'e nyaata ga'aa nyaatanii jiraachuufillee ni rakkatu.

Garaagarummaa bal'aan kanaaf maddi Ijoon haala ittifayadama yerooti.

Ummanni Oromoo yaadaa fi dhaamsa isaa Afoolaan ibsaa.

Gosa Afoolaa kan Oromoon yaadaa fi dhaamsa isaa itti ibsatu keessaa Mammaaksi isa tokko.

Kabajamoof dubbiftoota Galaalcha Dirree dhimma Gosa Afoolaa fi Mammaaksaas waa malee hin kaafne duuba akkuma Mata duree kurfiin barruu teenya tana arraa mul'isutti "Kan darbe kan hafeef Guddoodha"

Jechuun jalqabe irraa akkuma hubachuu danda'amuttii tana Dabarte irra tan dhuftu ba'aa caalu akka qabdu Mammaaksi kan ibsu kanaafuu yeroon ammaas akka yeroo Bara xumure waggaa arraa bara 2013 jiruu fi jireenyi keenya roga maraan akkam ture, Karoora akkamii qabanee ture, Karoorri qabanee ture hamma milkeessinee yeroo itti sirriitti foonee

bara 2014tti hoo maali raawwachuu fi milkiiwan galmeefachuu qabnu yeroo itti foonee hojiitti ga'uuf qophii goonu irratti waan argamnuuf Kaayyoo qabnu milkeefachuuf Karoorfannee gaaffiiwan Ummataaf xiyyeeffannoon hojjachuun dirqama nurraa jiruudha.

Bara xumure waggaa arraa bara 2013 jiruu fi jireenyi keenya roga maraan akkam ture, Karoora akkamii qabanee ture, Karoorri qabanee ture hamma milkeessine yoo Guututti milkeessine milkoofne, kan walakkaa milkeessees gaariidha, kan humaa osoo hinmilkeessin haaluma waggaa arraa ture keessa jiru waan jiraate waa hin qabu.

Gara fuula 9 tti naanna'e

Biiroo Dhimmoota Koominikeeshinii Mootummaa
Bulchiinsa Dirree Dhawaa
Torbanitti kan maxxanfamuu Ebla 18/2013 A.L.H kan jalqabame

GALAALCHA DIRREE

**Qopheessaan Ol'aanaan**
Abdii Adam
(0915039254)
**Gulaalaan**
Iliyaas Aamee
**Qopheessitoonni**
Yaassiin Abdallaa
**Laayaawutii fi Diizaayinii**
Sammaan Musxafa

**Photographer**
Selaam Abebe

Wixata - Fulbaana 3 - 2014 ALH

Bilbila :- 025 111 60 61
Fax :- 025 111 49 72
Email :- info pubbure@yahoo.com
Website :- www.direcomm.gov.et
Facebook :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau
Youtube :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau

# Biyya teenya Biraandii konkolaataa Ofii akka qabaattufin hojjedha'

shiihaab suleeymaan: 'fuuladuratti biyyi keenya biraandii konkolaataa mataashii akka qabaattufin hojjedha'

Dargaggoo Shiihaab Sileeymaan jedhan.

Yunvarsiitii Finfinneetti barataa mummeen barnoota Saayinsii Kompitaraa waggaa lammaffaati.

Dhiheenya kaan hojii kalaqaa tokkoon hawaasatti asi bahe. Kalqni dargaggoon kun hjojatees konkolaataa abbaa gommaa afur qabdu fi tajaajila garaa garaatiif ooluu dandeessuudha.

Konkolaataan Shiihaab hojjate kun namoota saddeeti fe'uu kan dandeessu yoo ta'u, hojiisaa kana gara indastirii guddaatti ol guddisuuf karoora qabaachu BBC'tti himeera.

Osoo konkolaataa amma hojjatee kana bira hingahiinis hojiiwwan kalaqaa biraa hojjachuun beekkamtii ittiin argachus ni dubbata.

Imallii kalaqa Shihaab eessaa eegale?

Hojiin kalaqaa isaa jalqabaa istoovii ta'u kan dubbate Shiihaab, isaan booda ammo maashina daabboo, kalqa karra jecha (password)n cufuufi saaqu dandeessiisu, gaandaa sinii 'smart' hojjachuun MM duraanii Itoophiyaa Obbo Haayilamaariyaam Dasaalanyii fi MM ammaa Abiy Ahimad harkaa badhaasa argachu dubbateera.

Itti fufuunis gara roobootiksii galuun dhaabbata mataasaa hundeessee hanga Hindiitti imaluun dorgommii irratti hirmateera.

Ittaansee ammoo bilbila haaraa dizaayin gochuu fi qaamoolee dizaayiin godhee gara Chaayinaatti erguun, erga omishameen booda walitti tolchuun invastarootaaf dhiyeessuulleen qaamni kalaqa isaa kanarratti qabeenyaa baasuuf hayyamamaa ta'e akka hinargannee kaaseera.

Isaan booda ammoo konkolaataa kan hojjachu hima.

Konkoolaataa TITAN abdii irra kaa'ame

Shiihaaba konkolaataa kalaqee kanaafis maqaa TITAN jedhu itti moggaasu dubbata.

TITAN maqaa addeecha Saatarn. Pilaaneetoota jiran hunda keessaa ammoo Saatarniif jaalala addaa akka qabu hima Shiihaab. Kanaafu moggaasa kana achirraa fudhachu dubbata.

Sababii maqaa kana moggaaseef kan biraas yoo ibsuus, ''maqichi waamuuf kan salphatuu fi gaafa guddatee biyya alaatti ergamuu jalqabu beekamtii akka argatuuf yaadeetan,'' jedha yoo sababasaa himu.



Konkolaataa hojjechuuf kan yaade biyyi keenya biraandii konkolaataa mataashee qabaachuu qabdi kan jedhuraa ka'uun akka ta'es hima Shihaab.

"Jalqaba biyyi keenya biraandii konkolaataa maataashee qabaachuu qabdi kan jedhun yaade. Achii booda ammoo diizaayiniiwwan adda addaa hojjenne keessaa filachuu eegalle.

Wayita filannuuttis kamtu gabaatti yoo bahe barbaadama kan jedhuun isa kanatti murteesineen konkoolaataa kana hojjedhe," jedha.,

'Kaayyoon kiyya konkoolaataa omishuun gabaa alatiifilleen dhiyyeessuudha'

Konkolaatichaaf meshaalee muraasni kan biyya alaatii galan ta'u kan himu dargaggoon kun, gara caalaan ammoo meeshaaleedhuma naannumatti argaman irraa akka hojjetes hima.

"TITAN kan irraa omishne meeshaaleedhuma naannoo keenyatti argaman irraayi. Almuuniyeemii, faayibarii maayikaa, sibiilaa fi kanneen biroo asumaa biyya keessaa itti fayyadamne. Kan alaa gale ammoo chaansii fi qaama konkolaatichaa qofaadha," jedha.

Konkolaataa tanas omishuun sadarkaa amma irra jirtuun gahuufbirrii kuma 600 akka itti baase kan dubbate Shaahaab, baasiin kunis qaamoolee adda addaatiin akkan hagugameef hima.

Diizaayiniin konkolaatichaas jidduu baajaajii fi konkolaataa kaaniitti kan argamudha kan jedhu Shihaab, magaala keessatti tajaajilawwan akka bashananaaf, cidhaaf akkasumas geejjibaaf itti fayyadamu ni dandaha jedha.

"TITAN diizaayinii isaa gaafa hojjennu rakkoo sadii furuudhaaf yaaduun. Inni tokkoffaan rakkoo geejjibaa amma magaaloota keessatti mul'atu furuu keessatti hanga tokko gumaachuuf. Lammaffaan sammoo ababa konkolaataan alaa galchuutiin sharafa alaa biyyattiin baaftu hambisuu keessatti gumaachuuf,'' jedha.

Kana malees rakkoon kalaqni isaa akka furu kiyyeeffatee sadaffaan ''konkolaataa nuti omishnu kana gatii xiqqaadhaan gabaadhaaf dhiheessaa achumaa carraa hojii lammiileef uumuun hojii dhabdummaa hir'isuuf yaadneeti," jedha. SULEEYMAAN

Jalqaba eenyuutuu TITAN yaabbate?

Konkolaataansaa xumuramtee oofuuf wayita qophii taateetti yeroo jalqabaatiif kan akka ittiin deemu taasisee obboleessaa isaa ta'u dubbata Shiihaan.

Konkolaatittiin inshuraansii hinqabduu jechuun itti qosuun sodaachisuu yaalulleen, obbooleessi isaa garuu baayyeen siitti amana jechuun walumaan magaalaa keessa oofuunii akka haalaan hojjattuu yaalu isaanii BBC'tti hime.

Biyya kana keessatti kalaqawwan hedduun hojjetamanis qindaa'anii gara gabaatti bahu irratti hanqinni jiraachuu kan himu Shihaab, ka'umsi hanqina kanaa ammoo wayita kalaqa tokkoo hojjachuuf yaadamu dursanii haala qabatamaa gabaa biyya keessaa qorachuu dhabuu irraa kan maddu ta'u kaasaa.

Konkolaataa amma hojjate kanaan namoota irraa dinqisiifannaa fi dubdeebii gaarii akka argatee kan dubbatu dargaggoo Shihaab, hanqinoota kalaqa isaa kanarratti mul'atan fooyyeessuun gara gabaatti baasuuf hojjechaa jiraachuus hima.

Karoora isaa gara fuula duraa yoo himus, "Konkolaataa biraandii keenya jennu akka qabaannun barbaada. Ani dhimmoota teeknolojii fi kalaqaa shan irrattin hojjedha. Industirii guddaa dhaabnee ummanni biyya keenyaas kan alaas akka fayyadamun barbaada," jedha.

Dargaggoonni kennaa isaanii beekanii waan hojjechuu jaalatan hojjetanii gara biizinasiitti guddisanii guddina biyya isaaniif akka gumaachaniifis dhaama.

Maddi bbc afan oromo

# Kutaa ...

Fuula 5 irraa naanna'e

Kariimaa: Dhaamsi ani dabarfachuu barbaadu yoo jiraate, Biiroon Ani hogganaa jiru kuni dhimmoota dubartootaafi daa'immaniitiin walqabatee hojiilee hedduu raawwachaa jira. hojiileen kunneen sadarkaa biiroo keenyaa qofatti kan dalagamu waan hin taaneef hawwasni fi dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa guddifachaa biyya keessaa biyyi teenya ittiin beekkamtu kan magaalaa dirree dhawaa keessatti argamu kana jajjabeessuufi daa'imman giddu-gala qofatti osoo hintaane, maatii argatanii nama guutuu ta'anii akka guddatan gochuuf daa'imman kana fudhatanii guddisuun otuu nu gargaaranii, kana gochuu warri hindandeenyees giddu-gala daa'immanii haaraa amma ijaareme kana gara hojiitti seenuu akka danda'uuf meeshaaleefi wantoota barbaachisan waan nu barbaachisuuf dhaabbileen mootummaafi miti mootumma, akkasumaas lammiileen keenya kanneen biyya keessafi ala jiran deeggarsa barbaachisuun akka nu bira dhaabatan fi daa'imman kanneeniif deeggarsa maallaqaa meeshaalee, uffataafi kkf haala itti fufinsa qabuun gumaachuun lammii boru abdii biyyaa taatu oomishuurratti akka nu gargaaran waamicha lammummaa dabarfachuu barbaada.

Galaalch Dirree: Kabajamtoota dubbistoota keenya Aadde Kariimaa Alii galateeffachaa keessummaa biraan hamma walitti dachaanuutti nagaan nuuf turaa isiniin jenna.

# yakkoota_ ...

Fuula 11 irraa naanna'e

yoo xiqqaate yakkoota dachaa keessaa tokko itti yaaadamee raawatamuu:

Balleessichi yakkoota dachaa keessaa itti yaadee yoo xiqqaate tokko kan raawwate yoo ta'e,akkaataa seera yakkaa keewwata 184 tiin adabbiin itti ni murtaa'a.Seera yakkaa keewwata 66(1)(a)(b).

yakkoonni dachaa dagannoon yoo raawwataman:

Yakkoonni dachaa kan raawwataman dagannoon yoo ta'e,adabbii ol'aanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka cimaaf tumame osoo hin darbin itti murtaa'a,seera yakkaa keewwata 66(1)(c).

# Kutaa 2ffaa

"Guddifachaa biyya keessaa magaalaa dirree dhawaatti hundeeffame daran jajjabeessuuf hundumtuu gahee keenya haagumaachinuu!" (Aadde Kariimaa Alii)

Akkam jirtu ? Kabajamtoota, hordoftoota Galaalcha Dirree! Akkuma ammaan duraa waadaa seenne, qophii keessummaa keenyaa keessatti turtii gaaffiifi deebii Hoggantuu Biiroo Dhimma Dubartootaa, Daa'immaniifi Dargaggootaa Aadde Kariimaa Alii waliin taasisne kutaa lammaffaasaa walitti dacchaana jenne akka itti aanutti isiniif qabannee dhihaanneerra. Itti dhihaadhaa dubbisaan afeerraa keenya.

Galaalcha Dirree: Daa'immaniin walqabatee wanti akka biyyaattis ta'ee akkka bulchiinsaatti hojjatamaa jiru maali?

Kariimaa: Hojiifi gaheen biiroo keenyaa inni guddaan fayyummaafi nageenya daa'immanii eeguudha:mirgaafi nageenya daa'immanii eeguudha. Inni kun immoo hojiilee hedduu hojjetamamantu jira. Akka daa'imman hundi barumsa qulqullina qabu argatan gochuu, fayyummaa daa'immanii eeguu, da'umsarraa jalqabee guddisaafi barumsa isaaniirratti hojjachuu, naamusa gaariin akka guddatan gochuudha. Mirgoonni isaanii akka eeggamuufis manabarumsaa erga seenanis, achittis kunuunsi barbaachisaan akka godhamuuf paarlamaa yookiin manni marii barattoota akka jiratu godhameera.

Kanaan alttis daddabarsa daa'immanii seeraan alaa too'achuurratti, keessattuu akka Magaalaa Dirree Dawaatti , inni kuni xiyyeeffannaa guddaadhaan irratti hojjetamaa jira. Sababnisaa magaalaan Dirree Dawaa iddoo daddabarsa daa'immaniif miijataa ta'e waan ta'eef daa'imman hedduun kara Magaalaa Jibuutiifi Biyyoota Arabaatti hojiilee humnaa oliif daddabarsa seeraan alaaf saaxilaman. Waan ta'eef kana too'achuun qaamota dhimma ilaalu waliin ta'uun hojmaanni bal'aatu hojjatamaa jira. Kunis, dhimmicharrattis uummata kenyaaf leenjii hubannoo kennuudhaan daddabarsa daa'immanii too'achuurratti hojjachaa jirra.

Daa'imman heddu kanneen karaa seeraan alaa otoo gara biyya biraatti dabarfamuuf jiranii eerumsa hawaasa keenyaatiin qabamaniif gorsa kennuun iddoo irraa dhufanitti yookiin maatii isaaniitiin akka deebi'an taasifameera. Kana milkeessuurrattis dhaabbilee tola-ooltummaafi mitmootummaa kanneen akka "Save The Children, IMF fi kkf" waliin hojjachaa jirra.

Daa'imman sababa rakkoolee adda addaatiin akka daandii irratti hinbaaneef hojjachaa jirra. Erga daandiittii bahanii boodas dhaabbata deeggarsa namoomaa addunyaalessaa "PAD" jedhamurraa




deeggarsa mallaqaa too'annoo covid -19 argameen projectiin daa'imman 252 ta'an daandii irraa kaasuurratti hojjjatamaa jira. Kunis daa'imman kanneen keessaa 152 ta'aniif leenjiin ogummaa garaagaraa kennameefii daandiirraa kaafamanii gara jireenya isaaniitti akka deebi'an taasifamaniiru. Leenjii ogummaa kana birattis ogummaa jireenyaa akka argataniifi amaloota fafeerraa akka of eegan gorsi kennameefi jijjiirama amalaa fiduun gariin akka gara maatiitti deebi'anii barumsa isaanii eegaluuf deeggarsa maatiitiin gadhamee ture. Kunniin warra rakkoo maatii harka qalleeyyii ta'aniif godhameedha.

Daa'imman utuu maatiin qabeenya qabanii sababa araada adda addaan qabamaniif bakkeetti ba'anii jiru. Ijoollee akkasii maatii isaanii waamuudhaan gorsuudhaan akka manatti deebi'an taasifamaniiru. Yoo xiqqaatee ji'a jahaaf giddu gala daa'immanii keessaa erga turaniin boodaakka gara mana jireenyaa isaaniitti ,maatiitti galan hedduudha.

Ammallee warreen sababa araada cimaan qabamuurraa kan ka'e of to'achuu dadhabanii giddu gala keessaa badanii daandiitti deebi'anis yeroo lamaafi saadii ol deddeebiin daandii irratti qabuun leenjii sasalphaa akka qalama dibuu akka barataniinii hojitti bobba'an kan goone ijoolleen dhiiraas ta'eee, dubaraas jiru. Kunis hojii guddaa waliin ta'uun qamoota adda addaa waliin ta'uun irrtti hojjanneedha.

Akkuma biyyaattuu, yoo ilaalle Ministeerri Dhimma Hojjattootaafi Hawaasummaa daa'imman qofa otoo hinta'in manguddoota/ ga'eessota daandiirraa kaasaa kan jiru ta'uu isaati. Kanas dhaabbata tola ooltummaa "HCS" jedhamu waliin ta'uun ge'eessota 100 daandii irraa fuudhuun manatti akka galan godhameera.

Fuulduraafis bara itti aanu kana keessa ge'eessota 135fi daa'imman 100 ta'an daandiirraa kaasuuf kaasuuf hojjachaa waliigalatti manguddota 235fi daa'imman 252 jireenya isaanittti deebisuurrtti hojjachaa jirra.

Kun hundi godhamees, garuu daandiin guutumaa-guututti daa'immaniifi ge'eessota rakkatoorra bilisa gochuu dandeenyeerra jechuun hindanda'mu. Sababni isaa daa'imman yookiinga'eessota hamma tokko yommuu gara jireenya isaaniitti deebisne kanneen biro immoo sababaa rakkoolee adda addaatiin gara daandaatti bahuun waan mudatuuf kun immoo adeemsa itti fufaadha. Haata'uu malee rakkoo kanaaf dhimmoota sababa ta'annirratti qo'annoo yeroo adda addaa geggeessinee turre. Kanaanis, daa'imni akka bakkeetti bahan wantoota godhan keessaa beekamoon: maatiin irraa du'uu, haadhaafi abbaa gargar bahuu, amaloota fafee dhiibbaa hiriyootaatiin booji'amuu, daddabarsa daa'immniin seeraan alaa gara biyya alaa otoo oofanii qabamani kan jiran ta'uusa ragaaleen qorannoowwan kanneenii agarsiiseera.

Inni biraa daa'imman bifa guddifachaan gara biyya alaatti erga fudhatamanii booda achi buuteen isaanii hinbeekkamneef teessoon isaanii yookiin maatiin dhokfaman baay'achaa waan dhufeef mootumman kana qo'atee guddifachaa lammii biyya keessaa malee kan biyya alaa akka hafu murteessee ture. Kun kan godhameef daa'imman eenyummaafi haala guddisa biyya ofii , afaan ofii baratanii akka guddachuu qaban mirgi qaban eeggamuufii qaba waan ta'eef ijoolleen nama beekuniin guddifamuu qabu. Erga guddatan boodas gaaffii eenyummaa gaafataniif deebii argachuu qabu. Eenyummaa isaanii beekuuf mirgi isaanii eeggamuu qaba kanarraa ka'uudhaan mootummaan Itoophiyaa guddifacaa biyya keessaa malee kan biyya alaa akka hafu taasisuudhaan guddifachaa beekkamtii qabuufi isa jalqabaa Magaalaa Dirree Dawaatti akka hojiirra oolu taasise. Dhaabbata PAD waliin ta'uudhaanis gama tokkoon daa'imni maatii hinqabne yookiin maatii guddifachuu dadhabuun amanaa kennatan fudhachuun, gama biroon namoota daa'ima guddifachuuf fedhii qaban ulaagaa guddifachaa guuchisaa daa'imman kanneeniifi guddifattoota walitti fiduun, haala guddisa daa'imman guddifachaa kennaman kanneenirrattis too'annoofi hordoffii barbaachisu gochaa jira.

Maatiin daa'imman sanii yookin guddifattootaaf karaa lamaan kennuu danda'u: karaa amaanaa tiin kennchuuf karaa guddifachuu karaa adaraa(amaanaa) tiin kennaman. Maatiin waan rakkoo jireenyaaf guddifachuu hindandeenyeef hamma gaafa guddatanii, baratanii, hojii qabataniitti amaanaa kannatu. Eega of danda'ee booda fudhachuu danda'u.

Dubartoonni tokko tokko immoo daa'ima deessse, darbitee deemti. Daa'mman akkasii qaamni nageenyaa daa'ima sanaqabee gara keenyatti fiduun daa'imni sun kan maatii hinqabne ta'uun beekamee nama guddifachuu barbaaduuf ulaagaa guddifachaan kennama. Haala kanaan daa'imman hedduun daandii irratti gataman maatii akka argatan taasifameera. Kun bara 2005 irraa jalqabee dhaabbata PAD waliin irratti hojjatamaa kan ture, sababa covid-19 in gidduutti qabbanaa'ee, amma deebi'ee daa'imman maatii hinqabneef guddifachaafi adaraan guddifachaa jira.

Gama biraatiinis giddu-galli daa'immanii akka biyyaatti magaalaa dirree dawaatti dhaabbate kunis bajata biiroo keenyaatiin kan socho'u ta'ee baasiilee addaa addaa: qulqullina, sooorataafi kanneen biroo dhaabbileen addaa addaa ,abbootiin qabeenyaa, deeggarsa maallaqaafi meeshaalee nuuf gumaachaniin daa'mman kunuunsuurratti hojiin hojjatamaa jira.

Galaalch Dirree: Giddu-galli daa'immanii kun mana kiraa keessaa mana akka jirutti odeeffannoon hiamu dhugaan jiru akkami? Seektaroonni biirooleen bulchiinsaa hoo giddu gala kanaaf tumsi godhan jiraa ?

Kariimaa: Akkuma olitti ibsuuf yaaletti dhaabbileeniifi namoonni dhuunfaa deeggarsa da'immaniif gochaa jirru kanaaf tumsa gochaa jiran hedduudha. Keessumattuu erga nuti hojjettoonni biiroo keenyaa fedhiisaaniitiin mindaa isaaniirraa ji'aaan dhibbeentaa 0.025% akka muran goonee booda, waajjiraaleen bulchinsaa tokko tokkos akkuma keenya mindaa isaaniirraa haala dhaabbataa ta'een muruu bira darbee hojjettoota waajjira yookiin dhaabbata isaanii waliin meeshaalee adda addaa qabatanii gara dhaabbatichaatti dhufanii daa'imman kanneen ilaalaa jiran jiru. Hojjettoota dhaabbilee kanneenis milanumaan baay'iseen galateeffachuu barbaada. Dhaabbilee qofa otuu hinta'in namoonni dhuunfaa hedduunis deeggarsa adda addaa kan nuuf gumaachaa turan yommuu ta'u keessumattuu dhalattoonni Dirree Dhawaa kanneen biyya ambaa jiraatan deeggarsi isaan nuuf gochaa jiran hedduu nama boonsa waan ta'ef isaanillee haagalatooman

Galaalch Dirree: Dhumarrattis dhamsi dhaammattan yoo jiraate carraa siifan kenna.

Gara fuula 4 tti naanna'e

# Moggaasota Guyyoota Qaamme

Qaammeen 5, Guyyaan missirraachoo Injifannoo kabajamaa jira

Qaammeen 5, Guyyaa missirrachoo Injifannooti jedhameet kabajamaa jira.

Baga guyyaa Injifannoon isin ga'e jechuun ergaa dabarsaniiru. Bulchiinsi magaalaa Finfinnee guyyaa ergaa waadaa itti dabarsu ta'uu ibsaniiru. Guyyaa kun teeteewwan garaagaraan kabajamee kan oolu ta'uu eeraniiru. Qaammeen 5, guyyaa hundi keenyaa, manni keenya5, Guyyaan missirraachoo Injifannoo kabajamaa jira

Finfinnee, Qaammee 5, 2013 (FBC) – Qaammeen 5, Guyyaa missirrachoo Injifannooti jedhan Itti aantuun kaantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebee. Baga guyyaa Injifannoon isin ga'e jechuun ergaa dabarsaniiru. Bulchiinsi magaalaa Finfinnee guyyaa ergaa waadaa itti dabarsu ta'uu ibsaniiru. Guyyaa kun teeteewwan garaagaraan kabajamee kan oolu ta'uu eeraniiru. Qaammeen 5, guyyaa hundi keenyaa, manni keenya

Qaammee 4 Guyyaa Gootummaa

"Gootummaan bu'aa qabsaa'ummaa, cimanii dhaabbachuufi injifattummaati. Gootummaan akaakuu hedduu qaba. Gootonni waraanaa, kan qonnaa, kan beekumsaa, kan artii, kan hojii mootummaa, kan tajaajila kennuu kkf jiru.

Gootummaan tokko isa kan biraa malee hin jiraatu. Biyyi ofiin dhaabbattee, of dandeessee, hiree mataashee akka murteeffattu gootonni akaakuu hundaa ishee barbaachisu. Biyyi kan miidhamtu karaa gootonni ishee hir'ataniini."

Qaammee 3 Guyyaa Gaarummaa!

Boru, Qaam'ee 3 Guyyaa GAARUMMAAti. Gaarummaan ibsituuwwan Itoophiyummaa tokko waan ta'eef miira arjummaatiin inni qabu isa hinqabneef kennaa sammuu qulqulluudhaan duudhaa gaarii kana ittifufsiisuun nurraa eegama.

Iccitiin injifannoowwan keenya hanga har'aa gaarummaa keenya waan ta'eef bara haaraa dhufu kana oggaa simannu gaarummaa keenya kabajaafi cimsaa ta'uu qaba.

Waliiqooduufi walutubuun biyya keenya ni ceessisna!

Qaammee 2 Guyyaa Tajaajiltummaati

Guyyaa Arraa Qaammee 2 Guyyaa Tajaajiltummaa ta'uun kan yaadatamu yoo ta'u Tajaajiltummaan Kabajaa dha.

Hawaasa ofii humna, Beekumsaa fi Ogummaa qabaniin Tajaajila Saffisaa, Siyaasaa fi ammayyaawaa laachuufiin Tajaajiluun Kabajaafi Gootummaadha.




Qaammee 1 Guyyaa Jaalala Biyyaa (Patriotism) … …

Biyyi tokko biyya jedhamtee waamamuuf Daangaa, Ummata, Walabummaafi Mootumaa mataa ishee qabaachuu qabdi. Daangaan biyya tokkoo galaana, gaara ykn sarara yaadaa ta'uu dandaa'a. Ummanni ammoo lammilee biyyattiifi kan biyya biroo biyyattii keessa jiraatan ta'ee mirga namummaafi dimokiraasii kan qabaniidha.

Mootummaan qaama biyya bulchuufi aangoo harkaa qabu yoo ta'u, walabummaa jechuun biyya dhaabbata mootummoota wal ta'aniin beekamtii (Recognition) qabaachuun tuttuqqaafi dhiibbaa kamirraa walaba taatee alaabaa, faaruufi sirna bulchiinsa walabaa qabduudha.

Jaalalli biyyaa jaalala lammileen ishee hojii qabatamaan agarsiisaniin ifa. Agarsiiftuun inni biraa ammoo of-ta'uudha. Of-ta'uun ummanni eenymmaa isaatti boonuun cimee hojjechuun biyya isaa guddisuu keessatti qooda inni qabuun. Wantoonni jalala biyyaa ibsan baay'ee ta'us biyya ofiitiif dabarsanii of kennuun agarsiisuu biraati.

Lammiiwwan biyya isaanii jaallatan waan hunda dura biyya isaanii ofitti aansu. Warri biyya isaanii jallatan rakkoofi gadadoo keessa jiraatanis jaalalli biyyaaf qaban hin hir'atu. Biyya ofii jaallachuun yeroo gammachuus ta'ee rakkootti waliin dhaabbachuudha. Balaan umamaas ta'e nam-tolchee yoo biyyatti dhufe ofii isaanii dabarsanii kennuun biyya isaanii badii irraa baraaru. Biyya ofii ala kabajni hin jiru yaada jedhutti amanu.

Addunyaarratti lammileen Itoophiyaa warra biyya isaanii jaallatan jedhamuun beekamu. Kunis hirmaannaan isaan lola Aduwaa irratti taasisaniifi injifannoo isaan galmeessan ragaa ga'aadha. Faranjii meeshaa ammayyaa qabatanii dhufan onne isaanii kan akka abiddaa boba'uun biyya dabarsinee diinaaf hin lannu jechuun meeshaalee waraanaa duubatti hafaa qabachuun injifannoo boonsaa galmeessaniin galmee seenaa Addunyaarratti galmaa'eera.

Ummanni Itoophiyaa jaalala isaan biyya isaaniif qaban faayidaan hin gedderan. Baandonni tokko tokko faayidaa biyyaarra faayidaa dhuunfaa kan dursan hin jiran jechuu miti. Ummanni garuu barootа dhufaa darbaa alagaa alaa dhuftuufi baandaa biyya keessaa diina tumsitu irraa biyya isaanii eeggachuuf har'allee qabatamaatti tokkummaan dhaabbatanii jiru.

Dhaloonni har'aa biyya birmadummaa ishee eeggatteefi jaallatamtuu abboota isaanii irraa dhaalan kunuunsanii dhaloota itti aanutti dabarsuuf hojiiwwan boonsaa hojjetaa jiran keessaa tokko hojii Hidha Guddicha Itoophiyaati. Lagni kun qabeenya biyyattii ta'ee barootaaf walaloo sirbaa qofa barreessuun alatti biyya kanaaf bu'aan buuse hin qabu. Dhaloonni har'aa garuu qabeenya, ogummaafi beekumsaan of ijaaree lagni kun madda qabeenya isa olaanaa ta'uu baree biyya badhaate uumuun dhaloota dhufu dhaalchisuuf kutannoon hojjetaa jira.

Gama biraan, diina keessaaf alaan biyya keenya qorquuf ilkaan qarattu qolachuuf dargaggoonni daangaa hanga daangaatti RIB'tti makamaa jiraachuun agarsiiftuu biraati. Keessumaa Qarreefi Qeerroon Oromoo biyya kana rakkoo keessa turte keessaa baasuun injifannoo kana fiduu keessatti haarsaa guddaa kafalaniiru. Injifannoo kanas eeggachuuf har'as diina dura dhaabbatanii waraanaa jiru. Maatii tokko keessaallee hanga dargaggoota afurii ta'an RIB'tti makamanii biyya isaaniif hiriiranii jiru. Kaleessas ta'ee har'a qoonni Oromoon biyya kana ijaaruu keessatti qabu ammam olaanaa akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Jaalalli biyyaa hojii qabatamaan malee afaan qofaan hin ifu.

Biyyi ummata isheen jaallatamtee, Kabajamtee jiraatti!

## Miidhaa Balaa . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

mariin kun kan isaan kakaase taachaas hirmaatu ni marichaa ibsan.

Geejibni Konkolaataa miidhaa cimaa ummata keenyaa irraan ga'aa jiru ittisuu fi fayyumaa hawaasaaf hunduu tumsuuf qabaa jedhan.

Biyya Toophiyaatti Bara xumurametti jirutti 2013tti taateewan Addaa mudatan keessaa kan baay'ee fi Waggaatti bara 2013 Balaan Tiraafikaan Lubbuun Namoota,4133 kan darbuu fi akka Dirree Dhawaattiis baruma 2013 kanatti Balaan Tiraafikaan Lubbuun Namoota,50 kan yoo darbu, Qabeenyi Birrii Biiliyoonaan olitti shalagamuus kan bade taachaa gabaasa Raawwii hojii waggaa kan Waajjirri Poolisii Tiraafika Dirree Dhawaa dhiyeessee ni mul'isa.

## MAGAALAA . . .

Fuula 2 irraa naanna'e

Gaara Buttujjii

Gaara Kottee ,Kan manni barumsaa hayiskuul gubbaa jiru .

Gaara Baabbo ,galaana dachaatuutiifii hayaaskuul idduu kan jiru.

Dirreen dahoo guyyaa rakkooti Caayaa hayyoota fi qabsaa'ootaa ,biyya Seenaan, Aartiin ,qabsoon ittii bilqilee dha.

Hawwisoofi sirbi Afaan Oromoo kan Achi keessaa itti jalqabeedha.

- " Hawwisoo Afran Qalloo "
- "Hawwisoo Biiftuu Biyya Teenyaa"
- " Hawwisoo Aduu Birraa "
- " Hawwisoo Maskoob "…fi.k.k.f

Dirree keessatti gad dhaabbatanii biqilanii ,dararaanii firii godhatanii bu'aan firichaa ammoo Oromiyaa wal gahe.

Dirreen biyya Jaalalaa biqilchituu Gotootaafi Hayyootaati.Walissaan isiin hin booji'in ni xiqqaata

Dirre dhawaa deemanii Baaqilaa fi mushabbakii osoo hin nyaatin kan deebi'e ykn jarjare ykn ammoo nama daawwachiisutu itti Laafe jedhama ,

# Faasikaa, mallattoo jaalalaafi nageenyaa

Faasikaan ayyaana Yihudoonni yeroo itti Waaqayyo garbummaa Gibxii jalaa isaan baase jechuunis DhKD bara 1513 yaadachuuf kabajaniidha. Waaqayyo Israa'eloonni ayyaana iddoon guddaan kennamuuf kana waggaa waggaadhaan akka Yihudootaatti ji'a Abiib jedhamuufi yeroo booda Niisaan jedhame guyyaa 14fatti akka kabajan ajajee akka tureedha ragaaleen kan ibsan.

Waaqayyo dha'icha cimaa fidu dura Israa'eloonni hoolaa ykn re'ee qalanii dhiigasaa buusaa mataa balbala manneensaaniirratti akka dibanis ajajee ture. Waaqayyo mallattoo kana argee manasaanii 'irra darba,' akkasumas ilmaan angafaasaanii dha'icha kanarraa oolcha ture.

Waaqayyo Israa'eloonni Faasikaa isa jalqabaa akkamitti akka kabajan ilaalchisees qajeelfama kenneefii ture. Qabiyyeewwan ayyaana Faasikaa Kitaaba Qulqulluu keessattis bal'inaan eeramaniiru. Kanneen keessaa akka ijootti kan eeramuufi hubatamu gochichi aarsaa jaalalaafi nagaa dhala namaatiif kaffalame ta'uusaati.

Kanaanis Faasikaan jaalala, dhiifama, nageenya, inni tokko isa kaaniif aarsaa ta'uufi kkf kan agarsiisuudha. Kanaaf ammoo gochoonni faallaa kanaa ta'an kanneen akka waraanaa, waldhiibuu, sanyiifi afaaniin walqooduu, walirratti ka'uu, walajjeechaaf meeshaa walirratti kaasuun, tokko isa biraa buqqisuun gocha tasumaa dhaabachuu qabuudha.

Akka dhaamsa abbootii amantiittis, bara qaroome keessa waan jirruuf warri waliihingalle taa'anii mari'achuu qabu. Nagaafi tasgabbiin kan argamu karaa nagaa qofa ta'uu hubatee hunduu xiyyeeffannaan irratti hojjechuu qaba.

Hunduu dhimma nageenyaatiif xiyyeeffannaa kennuu qaba. Nageenya jechuun hokkaraafi gochoota biroo haaluma kamiinuu nagaa booressan, guutummaatti yaaddoorraa bilisa ta'anii jiraachuu, nagaadhaan jiraachuuf ammoo waraanni, hokkarriifi walitti bu'iinsi dhabamuu ta'us, waliigalaan yaadrimeen nageenyaa guutummaatti walitti bu'iinsarraa bilisa ta'uu jechuu otoo hintaane walitti bu'iinsota uumaman furaa waliiyaaduudhaan, walutubuudhaan, waldanda'uudhaan tokkummaadhaan jiraachuu danda'uu jechuudha.

Egaa nagaan waantota lubbuu qaban hundaaf kan barbaachisuudha. Nagaan keessumaa wabii jireenyaa dhala namaati. Nagaa kan namaa kennu Uumaa ta'us tokko tokkoon namaa dhugoomuu duudhaa kanaatiif qoodasaa bahachuu qaba.

Oggaa ayyaana Faasikaa kana kabajnu hunda caalaa nagaan duudhaa gaarummaa ooluu, yaaduufi raawwachuurraa kan maddu ta'uun hubatamuu



qaba. Hafuura qabaatee kan nagaa jibbu hinjiru.

Kanaaf hunduu bakkuma jirutti dhimma nagaa kanaaf gumaachuun irraa eegama. Faasikaan, mallattoo nageenyaa, jaalalaa, aarsaa walii ta'uufi kkftikaa.

waqtii Gannaa dabarsitanii baga ifa barii birraa agartan, baga geessan jechuun fedha. Waqtiin martinuu sona ofiisaa qaba. Ganni rooba nu badhaasee, waan facaafanne magarseera. Birraan aduu baasee miidhaan marge akka bilchaatuufi ija laatu godheera. Amma waan ganna guutuu itti dadhabaa baanetu firii argamsiisaa jira. Lagni guute hir'atee namni kan itti wal iyyaafatuufi asheeta boroofi balbalaa kan itti waliin qooddaturra geenyeerra.

Sonni waqtii gannaafi birraa kun baadiyyaatti warra oomishatuufi magaalaatti warra shamatatu kan wal quunnamsiisuu dha. Warri oomishee gabaa baasu sharafa argata. Warri shamatatee nyaatu ammoo dhiyeessii argata. Bariin birraa misiraachoo Abaaboo miidhagaa, magariisummaa naannoofi foolii urgaa achirraa madduun simannu hawwii guddaan kan eeggatamuu dha.

Irra deebi'ee baga ittin isiin ga'e, baga barii birraa agartan yammuun jedhu gammachuu guddaatu natti dhagaa'ama.

Bara 2013tti qormaatota kumaafi kitila keessummeessineerra. Garuu ammoo mariifi marabbaan waan karoorfanneefi irree gamtoomeen waan raawwanneef qormaatota kanneen qolachaa injifannoowwan dachaa galmeessineerra.

Ni diigamu osoo jedhanii ijaaramnee, wal fixu osoo jedhanii waltumsinee, rakkoo keessatti tokkummaa cimsannee diinota keenyarratti injifannoo argachaa jirra. Dantaafi faayidaa ummata keenyaa kabachiisuuf araarama malee hojjechuurratti argamna. Birmadummaa biyyaafi bilisummaa waa murteessuu ummata keenyaa mirkaneessuurratti argamna. Boqonnaa seenaa qabeessi kun aggaammii jaarraa tokkoo oliif harka dhokataadhaan biyya keenyarratti godhamaa ture ifatti kan baaseefi tokkummaafi birmadummaa biyyaa eeggachuuf ergaa guddaa kan nuuf dabarseedha.

Kanaafuu, har'a wayita ayyaana jala bultii bara haaraa 2014 kabajnu, maayikiroo sekoondii tokkoof dhimma nageenya biyya keenyaa eeggachuu dagachuu hin qabnu! Miiraafi qalbiin keenya hundi nageenya biyyaafi ummata keenyaarratti ta'uu qaba!

Carraa kanaan, gootota raayyaa ittisa biyyaa, poolisii idilee, humnoota addaafi qaamolee nageenyaa mootummaa naannoofi federaalaatiin baga jala bultii ayyaana bara haaraa geessan wayitan jedhu gammachuu guddaa waliinidha. Isin gootota seenaa keessan halluu miidhagaadhaan barreessaa jirtaniidha. Birmadummaa biyyaafi bilisummaa ummata keessaniitiif wareeggama kaffalaa jirtaniin injifannoowwan boonsaa galmeessitaniittu; har'as galmeessaa jirtu. Nutis yaboo nurra keessaniif amanamnee, bakka jirru hundatti maatiifi firoottan keessan waliin waan qabnu soorachuufi dhangaa waliin qooddachuuf murteessineerra.

Kun ammoo ayyaana kana qofaaf osoo hin taane, itti fufiinsa jireenya dhala namaa hunda keessatti amanamummaa itti fufsiisuu qabnu akka ta'uuf ummata naannoo keenyaatiif waamicha imaanaa dabarsuun fedha.

Bara 2013 xumurre kanatti qormaatota kumaafi kitila keessa teenyee injifannoowwan dachaan galmeessine bu'aa wal hubannaa hoggansaafi ummata keenyaati. Waamicha yeroo rakkoo dirmachaa, hojiiwwan misoomaa hunda keessatti daguu tokko malee hirmaachuudhaan milkaa'ina ol'aanaadhaan waan nuu geessaniif ummata keenyaaf galata guddaa qabna. Ammas taanaan, ummanni keenya kan dubbatuun ol kan hojjetu, bobbii hojii misoomaafi waamicha mootummaa hundaaf qophii ta'uu qabatamaan agarsiisaa jira. Bara 2013tti pirojeektota kuma 11 ol xumurree hojii eegachiisuun keenya, horata hojii bara 2014 ta'uudhaan imala badhaadhinaa eegalle milkeessuuf akka oolu shakkii hin qabnu.

Ammas barri 2014 rooba gannaa qofa bara itti eeggannu miti. Misooma jallisii caalmaatti ammayyeessinee lageen keenyaan oomishtummaa qonna keenyaa bara dachaan itti daballuudha. Dhiyeessii teeknoloojii qonnaa dabaluudhaan kilaasteraan oomishuu caalmaatti jajjabeessuun cinaatti, qonna carraa hojii bal'aa uumu ni mirkaneessina.

## "Kan darbe ...

Fuula 3 irraa naanna'e

Ofumaa hin joorinaa jedhanii itti ga'isu turan. Fatteewwan yaalii godhan kana keessa tokko isa warri kaan iyyan dhageessee boolla keessaa ba'uu yaalii gootu mara nidhiifte. Isheen tokko garuu irra deeddeebitee yaalaa; kufaa ka'a isa dhumaa humna cimaan yeroo utaaltu keesaa baate. Isheen keessatti hafte garuu niduute.

Fattee baate kanas warri alaa gaaffii akkas jedhu gaafatan. "Yeroo nu'i hindandeessu jennee humna si buusaa turre maaltu sitti dhagaa'amee? jedhanii gaafatan. Isheen boolla keessaa baate sun garuu anoo waca keessan qofan dhaga'e malee maal akka isin jechaa turtan hindhageenye.

Garuu waan na jajjaabeessaa turtan, jabaadhu amma nibaataa waan naan jechaa turtan natti fakkaate malee waan isin humna na buusaa turtan natti hinfakkaanne" jetteen. Wantoonni ati agartuufi dhageessu akka abdii si hinkutachiifneef sagalee dhagaa'amaniin ol ta'ii argami. Yoo akkas ta'e qofa bakka yaadde geessa. "Sa'aatii har'a qabdutti fayyaadamuu dhiftee boriif qusachuu hindandeessu. Dhalli namaa hundi sa'aatii walqixa qaba. Beekaan uummachuu hindanda'u. Sooressi bitee dabalachuu kan hindandeenye hundumaaf walqixa kan hirame kennaa guddaadha."

Bara xumure waggaa arraa bara 2013 jiruu fi jireenyi keenya roga maraan akkam ture, Karoora akkamii qabanee ture, Karoorri qabanee ture hamma milkeessine yoo Guututti milkeessine milkoofne, kan walakkaa milkeessees gaariidha, kan humaa osoo hinmilkeessin haaluma waggaa arraa ture keessa jiru waan jiraate waa hin qabu.

Hundinuu ammaas kaayyoo fi fedhii isaa Waldiyaa duubaan foo'ee humnaa fi carraa qabuus hubannoo keessa galfatee kan Karoorfatee hojjate milkaa'uun isaa hin hafuu.

Hundaa'un ol arraa irra dhaabannee waggaa darbe waan hin hojjatin irraa baranii hojjachu malee taa'anii sheena'uun dogoggora dachaati kan duraa Guyyuma arraatu balleessuu tan lamadaas boruus sheenaa biraaf of qopheessuudha.

Kanaafuu hundi keenya humnaa fi beekumsa qabuun hojii osoo hin filannee fi osoo hin tufanne sirriitti hojjachuu, Qusannaa fi Karooraan jiraachuu aadaa godhachuu yoo dandeenye wanti nuti hin milkeefanne hin jiru Kan darbe irraa barannee kan dhufu milkaa'uuf haa kaa'uun jedhama xumure.

# Mammaaksa

Aadaa fi Afoolli waan walirraa gargar bahuu taane takka.lachuutuu daawitii jireenya hawaasa tokkooti.Hawaasa faana jiraachuun akka walillee dursan ni humama. Fakkeenyaaf nama walitti araarsuun Aadaadha.Garuu sirna aadaa araaraa keeysatti wantoonni araramuuf sababa tahan Afoola yeroo walitti nama araarsan afooloota qaqqalii garaa nama laffisanitti fayadamuun beekamadha.keeysaahuu mammaksoota akka harreen wal dhiitteef ilkee walirraa yaafne.

wal loolli warra fii dhiiga ilkeetii garii liqimsaanii ni garii tufanii waan hedduu jechuun erga laffisan booda kan walitti araarsani.

kanaafuu afoolaa dursa kan ja'aniidha. Afoola aadaa keeysatti gahee abbumaa bahan keeysaa wa'ee MAMMAAKSAA Barruu kanarraa dubbiftoonni keenya akka wa hubatan abdi qabna.

Mammaaksi afoola Oromoo keessaa tokko yoo ta'u jechoota beekkumsaa fi ogummaa qaban

of keessaa qaba.Mammaaksi dubbii fiduufi gabaabsanii fixuuf ykn salphaatti namatti himuuf

tajaajila.Uummanni Oromoo mammaaksa isaatiin ragaa baha. Oromoon dubbii cimsanii fi gabaabsanii mi'eessuuniifi miidhagsuun fixuuf mammaaksatti fayyadama,keessaahuu warri maanguddoo. Yeroo baay'ee manguddoonni araarsufis ta'e marii hawaas-dinagdee adda addaaf yoo

walga'an yaada isaanii gadi fagessanii garuu osoo dubbii hin dheeressin ibsachuuf

mammaaksatti fayyadamu.

Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti waan hedduufmammaakama.

Fakkeenyaaf, qarutuma,tuffii,jaalala,hawwii,haqa, gootummaa,doqnummaa,jibbaafi kkf,agarsiisuuf ni mammaakama.

Ergaa mammaaksa tokkoo hubachuuf wantoonni adda addaa nama gargaaruu malu.Fakkeenyaaf, aadaa,seenaa,durdurii faa beekuu barbaachisaadha.Hariiroo Maanguddoo fi Mammaaksaa Mammaaksi beekumsaa fi muuxannoo maanguddootaati.

Haasaan maanguddootaa yeroo

baayyee mammaaksaan kan guutameedha,kunis dubbii gabaabsanii himuuf,dubbii

mi'eessuuf ykn bareechuuf godhama. Kanaafis,sagantaa aadaa ykn hawaasummaa bakka

maanguddoonni itti baayyatan keessatti mammaaksi baayyinaan dubbatama. Fakkeenya mammaaksaa Oromoon iddoo mammaaksi qabu akka armaan gadii ibsa. Dubbiin dubbii fida mammaaksi dubbii fixa.Aaki jedhan waa tufan,mammaaksaan waa himan.Dubbiin mammaaksa malee, ittoon soogidda malee.Mammaaksi koobaa dubbiti.Mammaaksoonni afaan oromoo kan ergaalee adda addaa dabarsaniidha.Mammaaksa qabsoo Mammaaksa dubartootaa

Mammaaksota adda addaa isaan akka



Mammaaksa Gaabbii Gorsa Abdii fi Obsaa akkasumaas mammaaksota Dubartootaa Oromoo

1.Heeruma dharraanee(hawwinee)

heerumnaan rarraane( rakkannee )

2.Asuu oolle jette tan heerumaaf muddamte"

3.Takkattii qayyannee taduraa hanqannee ykn takkaa qayyannee lukaa gubanne

4. Bakka dhiiganii hin fiigan.

5. Kana muranii kamiin fincaayan jette haati manaa inni ofirraa mura jennaan.

6. Kaanittuu abbaa argadhu jette haati intalaan.

7.Intalti ariifattuun haadha ciniinsuubarsiifti

8.Akka beekutti dhalaa( dahaa ) nadhiisaa jette intalti harka namaa diddu

9. Sirbaaf bayanii morma hin dhofatan jettee intalti waa hin saalfannee.

10.Akka ebaluutti sirbaan morma nama jallifti jette intalti qalbii qabdu.

11.Mucaa deenna malee mucaa hin geennu jette intalti of tuffatte.

12.Wol akkeessee ollaan marqa balleesse jette intalti ofiin bultun .

13.Akka aadaa teennaa gaara gubbaa baanee teenna jedhe harmi dubartootaa.

14.Ati baldi ta dhiirsa ka'imaa jette intalti abbaan manaa isii jaarsaa.

(Baldu:ashuu,qoosuu,taphachuu, busheesuu)

15. Har'allee moo jette haati ijoolleen beelofne (shoomofne) jennaan isiin bakka cidhaatii quuftee waan galteef

16.Ani ufiif hin jennee,mucaan keessan ka hangafaa sun fuudha hin geennee? jette

intalti mucaa kajeelte.

17.Soddaa fi dayma hin duudhatan.

18.Osoo dhukubsataan jiru, fayyaalessi du'a.

19.Ana bakki na dhukubu asii mitii maraafuu bakkuma gooftaan kiyya jedhe san kooba

jette bookeen.

20.Makkitu malee makkaa hin hajjan

( Makkitu:naamaaf mijooftu/mijaa'u )

21. Akka dida'aa fi akka didanaatti na galchi

22. Daalun xaraan kaanu tara.

Mammaaksi koobaa dubbiti.isaan

Kanas me haa ilaalluu: Mammaaksota adda addaa

Mammaaksa Gaabbii

Mammaaksa qabsoo

Mammaaksa jibba

Mammaaksa gorsaa fi

Mammaaksa abdii mullisan kan jiraniidha.

Boora'u malee hin taliilu

Oduun soora (nyaata) gurraati

Waan biyyaa bilbilli iyya

Quuqaa cinaacha jalaa abbaatu beeka

Namni mataa isaatii hin tolle, namaaf hin tolu

Bakka hin rafnetti hin muugan

Namni ija takkaa biyyeen hin taphatu

Garaa nagaa qabu sukkuumuun, dhukkuba itti fiduudha

Ejersa halaalaarra qobboo qe'ee wayya

Obsaan aannan goromsaa dhuga

Fira dura bahan malee, fafa duraa hin bahan

Bara bofti nama nyaate lootuun nama kajeelti

Bareedde jedhanii obboletti hin fuudhani

Ija laaftuun dubaraa obbolessa irraa ulfoofti

Malannee bolla lama qotanne jette hantuunni

Wallaalaan bishaan keessa dhaabatee dheebota

"Yoo waraabessarraa hafte keenya" jette sareen, harreedhan

Yaadni hamaan nama huqqisa

Fuula ilaali na elmadhu jette harkuun

Kan leenci naasise hindaaqoo baqata

Afaan qabachuun hunda to'achu

Obbolessi kan walin dhalatan qofa miti

Hunda dubbatan garaan duwwaa hafa

Eelan eelee dhaabbatan

Afaan gaarin afaa gaari caala

Kan ilkaan hin qabne akaawwii hawwatti

Firri dhufe jadhanii dhabaa hin dhalanii

Gowwaan bakka rafe hunda mana se'a

Waan warri waarii jedhu ijoolleen waaree jetti

Nyaataa fi lola abbaatu tolfata

Ilmoon huntuutaa gumbii uraa haadha jalatti barti

Sossobbiin madaa hin foyyessu

Harree fi gadadoon nama irraa hin gortu

Nama jechi hin madessine waraanniyyuu hin madessu

Namaan garaan ga'atti garaan lafa nama ga'a

Dubbiin baay'atetti harretti hin fe'ani

Harka abbaa biraan ibidda qabun nama hin dhibu

Waaqni duumessaa'e roobuu hin oolu

Kan qaban qabaa hin guunnne gadhiisan bakkee guutti

Kan dhiqantu nama dhiqa jatte wacitiin

Namni mana tokko ijaaru citaa wal hinsaamu

Mana waraabessaatti foon liqii hin dhaqan

Ariifataan hori gata

Hindaaqqoon haate haatee albee ittin qalamtu baasti

Namni akkaataa fardaa beeku ulee fardaa hin bobessu

Abbaa dhokseetu akaakayyuu himata

Yoo baay'ate dammis ni hadhaawa

Warra walnyaatu jidduudhaa waa nyaatu

Harki waaqni namaan qabe xurii hin qabu

Ukkaamamee raafamnaan aannanu qabee cabsa

Tuullamanii taa'anii waaqa ofii hin komatan

Sirbaaf dhufanii morma hin qusatan

Ofii jettu miyaa'i yookaan dhagaa jadhanii sigatu jedhe soogiddaan

"Iyyan malee hin dhalchanii?" Jedhe kormaan hoolaa korbessa je'en

Alagaa fi dukkanatti ija hin babaasan

Sanyiin buqqee miiciraantu hadhaa'a

Yaa cubbuu "essa dhaqxa" jannaan "bakka itti na ergan" jatte

Sa'aa eegee hin qabne cirriin hin sodaattu

Bobbaa yoo tolan gala tolan

Du'arraan baqadhatti mana du'aa seente

Gara fuula 9 tti naanna'e

# Waan Of-duuba ...

Fuula 10 irraa naanna'e

Garuu jabinaafi obsa cimaa sibarbaachisa; yoo akkas ta'eef isa kanaan duraa caalaa ol kaatee mul'atta. Keessumaa waggaa haaraatti yeroo seentu karoora qabaadhu. Karoora baafatte kanas bakkaan ga'uuf yeroo carraaqxu haalli salphaa akka hintaaneefi hojii akka si gaafatu hindagatin.

Karoora ati baafate akka bakka hingeenyeef kanneen taasisan akka jiraatan beeki. Waggoottan darban lamaan kanaaf ragaadha. Haalli kamuu yoo jiraate jabaattee tarsiimoo sirrii qabaannaan humni lafa kana irraa si daangessu akka hinjirre beeki.

Ati tole jettee harka kennannaan kana gochuuf boodatti hindeebi'an. Karoorri ati qabdu abjuu halkaniitti jijjiiruu danda'u. Keessumaa yeroon kun yeroo murteessaadha. Yoo jabaattee hojjette jijjiirama fiduuf guyyoottan 365 fuula kee dura jiru.

Kaayyoo sirrii, karoora sirrii qabaadhu. Nama abdiin guutuu ta'i. Kaayyoo kee irraa ija hinbuqqifatin; abjoochuus hindhaabin; haala natti tola jettullee yoo jiraate keessaa ba'uun karoora fuula kee duratti diriirsiteef amanamaa ta'i; bakkaan ga'uuf aarsaa sigaafatu kamiin iyyuu kanfaluuf qophaa'i. Waan guddaan ati beekuu qabdu yoo jiraate rakkoon kamiyyuu yeroo si mudatu booda kan si deebisu utuu hinta'in caalaatti kan si jabeessuu akka ta'e yaadachuu qabda.

Sababiinsaa adeemsa jireenyaa keessatti wantoonni abdii si kutachiisuu dandaa'an hedduudha. Sagaleen ati keessa keetii dhageessu iyyuu abdii si kutachiisuu ni danda'a. Isa kana dhaggeeffachuu dhaga'uun abdii kutachuurraa of qoqqobbadhu. Yeroo tokko fatteen bosona keessa gartuun utuu deemanii lama bolla keessa seenan. Fatteen boolla keessa seenan lamaan kun boolla gadi fagaatu sababa ta'eef keessaa ba'uuf jedhanii yaalanii dadhaban. Sanaan booda yeroo warri boolla keessaa irra deddeebi'anii ba'uuf carraaqan fatteewwan ala jiran itti qoosu.

Ofumaa hin joorinaa jedhanii itti ga'isu turan. Fatteewwan yaalii godhan kana keessa tokko isa warri kaan iyyan dhageessee boolla keessaa ba'uu yaalii gootu mara nidhiifte. Isheen tokko garuu irra deeddeebitee yaalaa; kufaa ka'a isa dhumaa humna cimaan yeroo utaaltu keesaa baate. Isheen keessatti hafte garuu niduute.

Fattee baate kanas warri alaa gaaffii akkas jedhu gaafatan. "Yeroo nu'i hindandeessu jennee humna si buusaa turre maaltu sitti dhagaa'amee? jedhanii gaafatan. Isheen boolla keessaa baate sun garuu anoo waca keessan qofan dhaga'e malee maal akka isin jechaa turtan hindhageenye.

Garuu waan na jajjaabeessaa turtan, jabaadhu amma nibaataa waan naan jechaa turtan natti fakkaate malee waan isin humna na buusaa turtan natti hinfakkaanne" jetteen. Wantoonni ati agartuufi dhageessu akka abdii si hinkutachiifneef sagalee dhagaa'amaniin ol ta'ii argami. Yoo akkas ta'e qofa bakka yaadde geessa. "Sa'aatii har'a qabdutti fayyaadamuu dhiftee boriif qusachuu hindandeessu. Dhalli namaa hundi sa'aatii walqixa qaba. Beekaan uummachuu hindanda'u. Sooressi bitee dabalachuu kan hindandeenye hundumaaf walqixa kan hirame kennaa guddaadha."

# Waan moofaa ...

Fuula 3 irraa naanna'e

Hundinuu ammaas kaayyoo fi fedhii isaa Waldiyaa duubaan foo'ee humnaa fi carraa qabuus hubannoo keessa galfatee kan Karoorfatee hojjate milkaa'uun isaa hin hafuu.

Hundaa'un ol arraa irra dhaabannee waggaa darbe waan hin hojjatin irraa baranii hojjachu malee taa'anii sheena'uun dogoggora dachaati kan duraa Guyyuma arraatu balleessuu tan lamadaas boruus sheenaa biraaf of qopheessuudha.

Kanaafuu hundi keenya humnaa fi beekumsa qabuun hojii osoo hin filannee fi osoo hin tufanne sirriitti hojjachuu, Qusannaa fi Karooraan jiraachuu aadaa godhachuu yoo dandeenye wanti nuti hin milkeefanne hin jiru Kan darbe irraa barannee kan dhufu milkaa'uuf haa kaa'uun jedhama xumure.

Itti fufa

# Mammaaksa ...

Fuula 8 irraa naanna'e

Karkin ofii madaa'ullee, muranii hin darban

Mana ormaa bareedaarra, godoo ofii wayya

Hoolaan abbaa gaarii qabu, dubboo ala bulcha

Jibichi essatti eeganii jabbii kessa oola

Hagam ol fagaattus allaattii reeffi lafa

Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu

Yoo rakkatan fala barbaadan

Bakakkaan akkanaanu natti gamu muka jala na geessite

Osoo akka yaada namaa tulluun diriiraa ta'a

Adala gowwoomsuun suuta suutani

Addaatef ilkaan alanfachuu hin dhiisu

Ablee qara lamaa beekaatu itti fayyadama

Bakkuma dhaqqabani kan hoqqatan

Bakka itti citanitti citaa haammatan

Goowwaa mannaa budaa wayyaa

Goowwaa wajjiin dhalachuu mannaa dhaloota ooluu wayyaa

SHinbirroon laga lagaa Afaan Afaan dubbattii

Arrumaan samii bahaan waa taatu

Ni qallatti malee hin cittu dhugaan

Diddu diddi malee saree Ija kuulan

wajjiin dhaloota malee dhalaan diina gurraachaa

Wahi beeyta jannaan jaartiin sheekaa kitaaba dhiiyxee

Foonii garaan nudadhabee

Afaan Ajaa wajjiin yaa'uu dadhabnee ja'e ja'an waraabessi

Anuma xuuxxa malee xuuxxee waa nan xuruursituu

Qooda qocaa kaa'e Allaattiin hin fuunee

Akka Abaluuttin sirbaan morma nama jallistii

Baraa fi furguggee gad ja'anii dabarsanii

Sirnaan yoo Ejjatan seera uumaa Eeggatanii ja'an

Walii galan Alaa galan ja'e jaarsi oromoo dhaddacha jala taahee.

Wal qixxeen wal fixxee

Ilkeen tan wal qixaatu ciniinnaa tolchaa

Sagaliin Akaafee diddeet diddiimattii. ~

Akka cabanitti Okkolanii. ~

Suuta Ejjatan suuta qoreen nama waraanti.

Hamma Namaa hin Geessuu Cabsa namaa hin teessu

Afaan Hamii Bare Utubaatti hasaasa

Namichi Guyyaa Bofa arge halkan Gaaddidduu isaa dheesse

Waan Dabruuf maqaa hin dabarre hin fuudhan

Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde

Anatu Caalaan Ciinciraa haaduu afaan buute

Gubattee hin beektuu ibiddatti gamti

Laftis bahii jette jaartiin faeda irraa kuftee

Jaartiin Bara Buttaa Duudde hoo Luboo Jechaa hafti

Akka Durii fi Harka xuriitti hin hafan

Ani hoo duruu gubattuu dha jette beddeen mana keessa gubattee

Keessa namaa hin beektuu keessa qabattee namaa kenniti

Sangaan bara qote hedata

Waan uffattu hin qabduu aguuggattee haddi

Karaan Sobaan dabran galatti nama dhiba

Hantuuti haadha jalatti gumbii uraa barti

Namni dhukkubsataa manaa qabu du'a gahii namaa hin oolu

Hojiin Waaqayyoo fi kolfi saree hin beekamu

Haadhaa fi adurree hin dhaanan

Warri guddaan aduurree wasaasaa baata

Adurreen keessi bineensa

Maraattuu keessi gamna

Waaqayyo beekee bofa miila dhowwate

Waan Waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu

Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti

Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafaa jedhe Manni of – jajjuu karaa dura

Bor hin bekneen qoda- bukeen ishee lama Kan of jaju hin dogoggoru Haati mimmixaa kanuma kootu guba jetti Ija jabeessa irraa sirbi hin fokkisu Duulli amma oduu hin gahu

Iyyaniif dhalcha hin ta'u jedhe korbeessi hoolaa korbeessa re'eetiin Mana aanu malee mana aaru bira hin dabran

Ollaa fi Waaqatti gadi bahu

Ollaan bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka jechuuniin xumuraa torbaan maxxansa biraatiin hanga wal garruu nagayatti.

# Waan Of-duuba hin deebine keessaa tokko yeroodha

Yeroon Of-duuba hin deebite, dhaabbatee nun eegdu, bara Adunyaan dorgommii akkaa saffisaa keessa seenee akka malee saffisaa jirtu kanatti Yeroon Sekoondiinu bu'aa ofii fi gatii qabdi namoonnii fi Biyyoonni kana hubatanii sirnaan itti fayyadaman Sadarkaa Guddina ol'aanaa irra ga'uu danda'aniiru.

Namoonnii fi Biyyoonni kana hubatanii sirnaan itti hin fayyadamin Sadarkaan Guddina isaanii gadaanaa rakkoolee gara garaan xaxamaa keessa seenuu daran jiruu fi jireenya ofii fi maatii ofii isaanii geggeessuu fi fedhii bu'ura dhala namaa kan ta'e nyaata ga'aa nyaatanii jiraachuufillee ni rakkatu.

Garaagarummaa bal'aan kanaaf maddi Ijoon haala ittifayadama yerooti.

Ummanni Oromoo yaadaa fi dhaamsa isaa Afoolaan ibsaa.

Gosa Afoolaa kan Oromoon yaadaa fi dhaamsa isaa itti ibsatu keessaa Mammaaksi isa tokko.

Kabajamoof dubbiftoota Galaalcha Dirree dhimma Gosa Afoolaa fi Mammaaksaas waa malee hin kaafne duuba akkuma Mata duree kurfiin barruu teenya tana arraa mul'isutti "Kan darbe kan hafeef Guddoodha"

Jechuun jalqabe irraa akkuma hubachuu danda'amuttii tana Dabarte irra tan dhuftu ba'aa caalu akka qabdu Mammaaksi kan ibsu kanaafuu yeroon ammaas akka yeroo Bara xumure waggaa arraa bara 2013 jiruu fi jireenyi keenya roga maraan akkam ture, Karoora akkamii qabanee ture, Karoorri qabanee ture hamma milkeessinee yeroo itti sirriitti foonee

bara 2014tti hoo maali raawwachuu fi milkiiwan galmeefachuu qabnu yeroo itti foonee hojiitti ga'uuf qophii goonu irratti waan argamnuuf Kaayyoo qabnu milkeefachuuf Karoorfannee gaaffiiwan Ummataaf xiyyeeffannoon hojjachuun dirqama nurraa jiruudha.

Bara xumure waggaa arraa bara 2013 jiruu fi jireenyi keenya roga maraan akkam ture, Karoora akkamii qabanee ture, Karoorri qabanee ture hamma milkeessine yoo Guututti milkeessine milkoofne, kan walakkaa milkeessees gaariidha, kan humaa osoo hinmilkeessin haaluma waggaa arraa ture keessa jiru waan jiraate waa hin qabu.

Hundinuu ammaas kaayyoo fi fedhii isaa Waldiyaa duubaan foo'ee humnaa fi carraa qabuus hubannoo keessa galfatee kan Karoorfatee hojjate milkaa'uun isaa hin hafuu.

Hundaa'un ol arraa irra dhaabannee waggaa darbe waan hin hojjatin irraa baranii hojjachu malee taa'anii sheena'uun dogoggora dachaati kan duraa Guyyuma arraatu balleessuu tan lamadaas boruus sheenaa biraaf of qopheessuudha.

Kanaafuu hundi keenya humnaa fi beekumsa qabuun hojii osoo hin filannee fi osoo hin tufanne sirriitti hojjachuu, Qusannaa fi Karooraan jiraachuu aadaa godhachuu yoo dandeenye wanti nuti



hin milkeefanne hin jiru Kan darbe irraa barannee kan dhufu milkaa'uuf haa kaa'uun jedhama xumure.

Dhuma waggaarratti namootni hedduun duuba deebi'anii bara dabarsan keessatti hangam akka jireenyi isaanii hamma jijjiiramee fi karoorrisaanii milkaa'e yeroo itti ilaalan, umuiin ogummaa fidee dhufa akkuma jedhamu yeroo dabarsan keessa hangam akka ogummaa argatan yeroo itti madaalan, karoora haala addaa addaatiin hinraawwatamin hafe yeroo itti sakatta'aniif yeroo isa dhufuu itti of qopheessaniidha.

Keessumaa addunyaan keenya waggoota muraasa darbanitti karoorri hedduun jeeqameera. Kaanis rakkoo hedduu kana keessa taa'anii tattaaffii cimaa taasisuun karoora qaban hanga tokko kan raawwatan ni jiru.

Egaa dhumni waggaa kun isa kaaniif yeroo of duuba ilaaluun gaddu, kaaniif ammoo yeroo galataa fakkaata. Inni kun nama dhuunfaarraa eegalee hanga dhaabbilee gara garaatti mul'ata. Haa ta'u malee milkaa'inas ta'e akka karoorsinetti raawwachuu dadhabuurraa waan hedduu barra. Bor guyyaa haaraadha.

Haalli jiru akkuma kaleessaati jennee yaaduu hindandeenyu. Haalotni nijijjiiramu. Rakkoowwan darban waan hedduu nu barsiisanii lufu. Isa dhufuuf bu'uurasi. Kan nama dhibu isa kaleessaatti milkaa'uu dadhabuun kan dhufus hinmilkoofnu jechuu miti. Waan haaraa, daandii haaraa, ilaalcha haaraa, tarsiimoo haaraa fudhannee akka itti seennu nutaasisa. Rakkoon jiru kan bara baraa miti. Ni jijjiirama.

Nutis tarsiimoo addaa, karoora addaa, ilaalcha addaa qabaachuu qabna. Rakkoo jiru qofarratti xiyyeeffachuu hinqabnu. Yeroo tokko namootni naannawasaaniitti nama beekaa jedhamu bira dhaqanii rakkoo qaban itti himatanii furmaata argatu.

Beekaan kunis muuxannoosaarraa gorsa hiruufiin, ogummaasaanis nigargaara ture. Haa ta'u malee namootni deddeebi'anii yeroo rakkoosaaniif furmaata barbaadan torbeerraa gara torbeetti rakkoon isaan fudhatanii dhufan walfakkaata ture.

Booda keessa beekaan kun gorsee dadhabee mala dhahatee eege. Yeroo isaan rakkoosaanii himatan isuma kanaan duraa waan ta'eef baacoo daran nama kofalchiisu tokko itti hime. Isaanis yeroo baacoo kana dhaga'an imimmaan buusanii kolfan. Isa booda takka turee ammas baacoo isaan yeroo xiqqoo dura dhaga'an irra deebi'ee itti hime. Yeroo kana takkaa sababa dhaaa'aniif baay'ee isaan hinkofalchiisne.

Muraasonni nicallisan. Muraasni ammoo Keessaa ammoo xiqqoo akka qummaaduu ta'an. Xiqqooshee haasa'ee ka'ee ammas baacoo si'a lama isaanitti hime irra deebi'ee itti hime. Hundisaanii hinkofalle. Callisanii dhaggeeffatan. Sababiinsaas kanaan dura irra deddeebi'anii dhagaa'aniru kaa.

Kanaaf beekaan kun jaratti deebi'ee "Argitanii baacoo tokko irra deddeebi'anii yeroo isinitti himan daran isin hinkofalchiisne. Maaliif rakkoo numudate tokko irra deddeebi'uun waa'eesaa qofa leellisnaree? Isa darberraa barachuun waan haaraa yaaluun barbaachisaadha!" jedheen.

Waan darbe keessaa ba'uu dadhabuun miidhama. Nama cidii rukutu fakkaata. Haalli kaleessa keessa turte kan milkaa'ina si dhorke yoo ta'e amma garuu fuula kee dura yoo xiqqaate waggaan dhufaa jiru guyyoota 365 qaba. Isa kaleessaarraa bifa haaraa ta'een karoorsi, karoora kees hojiitti geeddaruuf dhama'i.

Waan haaraa karoorsuufi hojiitti geeddaruuf yaaluu keessa nuffiin hinjiru. Hanga haalli sii mijatutti hineegin. Haala situ mijeeffata malee mijaa'ee sii hindhufu.

Situ dhaabata malee sa'aatiin dhaabatee si hineegu. Karoorri ati har'aaf qabdu kan har'aa ta'uu hindagatin. Waan tokko hindagatin. Sa'aatii har'a qabdutti fayyadamuu dhiiftee boriif qusachuu hindandeessu. Dhalli namaa hundi sa'aatii walqixa qaba. Beekaan uummachuu hindanda'u. Sooressi bitee dabalachuu kan hindandeenye hundumaaf walqixa kan hirame kennaa guddaadha.Egaa waan dagachuu hinqabne keessaa inni guddaan waggaan haaraa yeroo dhiyaatu mukni baala haaraa akka baafatutti abdiin itti seenuun murteessaadha. Inni kanaan duraa harca'ee mukni dameensaa qummaadee baala baasuu waan eegaleef guyyoota fuulasaanii dura jiru abdiin itti seenu.

Karoora sirriidhaan itti seenu. Carraa jijjiirama fiduun itti seenu. Keessumaa haaloni hundi yeroo faallaasaanii fakkaata namoota cimanii dhaabatan, namoota hubannaan karoorsan, namoota jabaatanii hojjechuun wantoota wal'aansoo gaafatan wal'aansoo qabanii injifatan, wal'aansoon jirus akka isaan hinmoone kan mirkaanees-san namoota egeree isaanii abdiin ilaalan namoota mul'ataati. Inni kun nuufis nibarbaachisa. Isa kana dagachuus hinqabnu.

Tarii haalli nuti har'a keessa jirru cimaa ta'uu mala. Ta'us kun bara baraan kan ittifufu miti. Namni jabaatee gara fuula duraatti deeme dhiibbaa jiru injifatee qaari'a. Xiyyaarriyyuu dhiibbaa qilleensaa dandammatee bakka yaade ga'a.

Atis haala har'a jiruun mo'amtee harka kennachuun abdii hinkutatin.

Haalli ati keessa jirtu akka si to'atuuf hinheeyyamin. Yeroo tokko namichatu billaacha buuphaa keessaa cabsitee baatu arge. Yeroo billaachi kun qaawwa xiqqoo keessaan ba'uuf yaalii cimaa gootu ilaale. Otoo yaalaa jirtuu waan dadhabde itti fakkaate.

Sababiinsaa wal'aansoo qabdee hanga tokko erga baatee booda dadhabdee calliste. Kanaaf namichi taa'ee ilaalaa ture sun gargaaruu barbaade. Karaa billaachi kun rakkoo tokko malee keessaa baatu banee gargaare. Billaachi kunis salphaatti keessaa baate.

Kan nama dhibu garuu qaamni billaacha kanaa dhiita'aafi balleenshee daran xixiqqoo ture. Namichi isa kana gadi fageenyaan hinilaalle. Baalleen xixiqqoon billaacha tanaa hatattamaan guddatee balal'uuf nigargaara jedhee eege.

Ta'us kun hintaane. Billaachittiin bara jireenyashee hunda balali'uu kan hindandeenye, qaamni ishee dhiita'aa, ballee xixiqqoofi kan lafa irra gangalattu taatee hafte. Sababiinsaa waan keessa ba'uu qabdu keessa hinbaane.

Utuu qaawwa dhiphoo sana keessa wal'aansoo qabdee dabarte ta'ee bishaan qaama ishee keessa guute gara baalleetti deemuun akka baalleenshee jabaatee balaliisisuu danda'u taasisa ture. Inni kun garuu hintaane.

Yeroowwan tokko tokko haalli nuti keessa dabarru nu cimsa. Isa itti aanuufis nu qopheessa. Haalli nuti keessa jirru hunduu kan abdii hinqabne, rakkisaafi dhiphisaa yoo nutti fakkaatellee wal'aansoo qabuun maashaa keenya jabeessee isa caaluuf nuqopheessa.

Wanta rakkisaa si mudatu keessaan carraa gaarii si marsee jiru nama arguu danda'u malee rakkoo qofa nama ilaalu hinta'in. Kufaatii jirus, haalota abdii nama kutachiisu ilaaltee gaara ba'uu hindhiisin; fiixee gaaraa irra yoo geesseef bu'aa ba'ii keessa dabarte mara nidagatta.

Namni kam iyyuu yeroo hundumaa gammaduu dhiisuufi waan nama gaddisiisu isa mudachuu nidanda'a. Guyyoonni hamoon simudatan amala kee qaruun kaayyoo fuula kee dura jiruuf siqopheessu.

Utuu dhiphinaaf harka hinkennin deemsa kee ittifufi. Gaaf tokko of duuba ilaaltee cimina irraa barattee nihubatta. Daangaan akka ati hindabarre sigochaa ture obsa qabduun hurraa'ee riqicha irra ceetu sii ta'a. Jabaattee dhaabachuun qilleensa hamaa dandammattee firii wal'aansoo keetii agarta.

Gara fuula 9 tti naanna'e

# yakkoota_daddabalamaa(concurrent crimes):

"Yakkoota_daddabalamaa" jechuun yakkoota adda addaa tokkoo ol ta'antu raawwatamuu jechuudha.

Gosoota yakkoota daddabalamaa:-

.daddabalamaa qabatamoo(material concurrence):-

Daddabalamni qabatamaa yakkoota qabatamaa lamaa fi lamaa ol ta'an gosa tokkos ta'e gosa gara garaa yakkamaan walitti aansuun yoo raawwate(bira darbee argame) daddabalama uumamuudha,seera yakkaa keewwata 60(A).

Yakkootni daddabalama qabatamoo,#fakkeenyaaf:Obboo Galgaloon Mana nama biraa Aadde Ganamee humnaan cabsee seenuun qabeenya muraasa fudhatee;Aadde Ganamee manuma sana keessa turte yoo dirqisiisee gudeeduun otoo qabame yakkoota dachaa qabatamoo raawwateera jechuudha.

#hambifannoo(exceptions):-

Mirga seeraan eegame tokko irratti gochoonni yakkaa walitti makaman tokko ykn tokkoo ol ta'an kan raawwataman yaada yakka tokko raawwachuuf ykn dagannoon yommuu ta'uu fi gochoonni kun hundi tumaa seeraa tokkoon kan hammataman yommuu ta'u,raawwataan yakkichaa tumaalee adabbii dachaa amala wal fakkaataa qaban lamaa fi lamaa ol caalaniin hin adabamu,seera yakkaa keewwata 61(1).#Fakkeenyaaf,Obboo Caalaan gochi isaa du'a qaqqabsiisuu akka danda'u osoo beeku of eeggannoo gochuu osoo qabu of eeggannoo gochuu dhabuun qoricha BUDAATI jechuun baala adda addaa aarsuu fi maarashaa diimessuun fuula Aadde Caaltuu guggubee yoo ishee ajjeesse gocha du'aa fi barmaatilee miidhaa qaqqabsiisan seerri yakkaa keewwatni 61(1) walitti hammachuu waan danda'uuf,Obboo Caalaan yakka ajjeechaa dagannootiin dabalataatti yakka biraatiin hin himatamu,garuu adabbii cimsuun danda'ama.#Dhaddacha_Ijibbaataa_Mana_Murtii Waliigalaa Federaalaa Jildii 10ffaa Lakkoofsa Galmee 44235 ta'e irratti seera yakkaa keewwata 543 fi 567 waliin wal qabsiisuun fuula 200-202tti hiikoo kenne ilaaluun ni danda'ama.

Kan biraa haalota addaa seera yakkaa keewwata 61(2),61(3) fi 62 ilaaluun ni danda'ama.

Inni biraa,yakkamaan yakka biroo raawwachuuf akka isaaf mijatu ykn yakka duraan raawwateef dawoo akka isaaf ta'u yakka biroo kan raawwate yoo ta'ee fi yakka muummee raawwachuuf yaade kanaaf yoo xiqqaate kan yaale yoo ta'e,seerichi akka yakka cimaa tokkotti kan lakkaa'amu yoo ta'e malee dambiin raawwii adabbii waa'ee adabbii yakkoota dachaa seera yakkaa keewwata 184 jalatti kan tumame ni raawwatama,keewwata 63.#Fakkeenyaaf:Obboo Barraaqoon dubartii Mana Bunaa hojjattu Aadde Suufee waliin buluuf yaadee Dawaa ulfa dhorkuudha jechuun erga ishii amansiisee booda Qoricha sammuu ishii yaaduu dhorku akka liqimsitu taasisee qarshii callaa fi meeshaalee miidhaginaa ishii jalaa yoo fudhate,keewwatni 63 raawwatiinsa qaba jechuudha.

daddabalamaa gocha tokkee(national concurrence:-daddabalamni kun akaakuu Lama qaba:-

- A.Daddabamni goch-tokkee yakkamaan gocha balleessaa tokkoon yeruma tokkotti tumaalee seera yakkaa lamaa fi lamaa ol yoo darbee argame daddabalamaa uumamuudha,seera yakkaa keewwata 60( .
- Daddabalamni goch-tokkee gocha tokkoon yeroma tokkotti miidhaa yakkaa qabatamaa ta'e lamaa fi isaa ol ta'e qaqqabsiisuudha,seera yakkaa keewwata 60( .

Fakkeenya 1ffaa,yakka isa tokko ta'e jedhee bu'aa isaa ammoo dagannoon yoo raawwate:ta'e jedhee itti yaadee ulfa yoo baasisu dubartittii yoo ajjeesse;

Fakkeenya 2ffaa,yakka adda addaa itti yaadee yoo raawwate:Mana gubuudhaan ta'e jedhee abbaa Manaa yoo ajjeesse;

Fakkeenya 3ffaa,Obboo Waariyoon haadha warraa osoo qabu:-dubartii fira dhiigaa isaa taate Aadde Marartuu dirqisiisee yoo gudeede,fira dhiigaa isaa yoo fuudhe,fira dhiigaa isaa waliin deddeebisee qunnantii saalaa yoo raawwate keewwattoota adda addaa cabsuun ni adabama.

Daddabalamaa yaada tokkoon seera yakkaa tokko darbuun dantaa namoota baay'ee irratti miidhaa baay'ee hordofsiisu:-

Daddabamni kun gocha yakkaa yakkamaan yaada sammuu itti yaadee ta'e jedhee yookiin dagannoo tokkoon tumaa seeraa yakkaa tokko kan darbe ta'ee mirgaa fi dantaa namoota tokkoo ol ta'an irratti miidhaa gosa tokko qabu hordofsiisuun daddabalama uumamuudha,seera takkaa keewwata 60(C).

Fakkeenyaaf,namni tokko yaada sammuu itti yaadee ykn dagannoo tokkoon gocha yakkaa tokkoon badii/balleessaa gosa tokko qofa jalatti kufu namoota ykn dantaa tokkoo ol irratti yoo geessise yakka daddabalamaa kana raawwate jechuudha.

#tooftaa_adabbii yakkoota daddabalamaa murteessuu seera:

Adabbii yakkoota daddabalama qabatamaa:-

- yakkoota dachaa biroorra olka'uun yakkoonni adabsiisan yeroo mudatan(when the penalty for one of the biggest crimes against the rest of the crimes):

Yakkoota dachaa bilisummaa ykn lubbuu dhabsiisuun adabsiisan keessaa sababa isa tokkootiin du'a ykn hidhaa umrii guutuu ykn yakkoonni kunniin adabbii hidhaa gosa walfakkaataa kan adabsiisan ta'ee,sababa isa tokkoon adabbii ol'aanaan kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame yoo murtaa'u,murtiin kun adabbii yakkoota dachaa biroo ilaalchisee murtaa'u hunda walitti hammatee ni qabata,Seera yakkaa keewwata 184(1)(a),106 fi 108.

Garuu,sababa yakka isa cimaatiin adabbiilee armaan olitti caqafaman keessaa tokko murtaa'uun hafee adabbii ol'aanaa kutaa waliigalaa seerichaan tumame irraa gadi buufamee adabbiin hidhaa kan murtaa'e yoo ta'e,sababa yakkoota dachaa birootiin Manni Murtichaa bu'uura keewwata 184(1)(b) tiin adabbicha ol dabala.

- yakkoonni dachaa lama ykn isaa ol ta'anii fi adabbiilee hidhaa hordofsiisan yoo mudatan(when they face mass crimes that are punished in prison):-

Yakkootni akkanaa yoo mudatan,tokkoon tokkoon yakkoota dachaan raawwatamaniif adabbiin barbaachisaa ta'e murtaa'ee hundumtuu ni ida'ama.Haa ta'uutii garuu,gosa adabbichaaf kutaa waliigalaa seerichaan adabbii ol'aanaa tumameen caaluu hin danda'u.Seera yakkaa keewwattoota 184(1)(b),106 fi 108.

- yakkootni hidhaa fi adabbii qarshiitiin adabsiisan dachaa ta'anii yoo mudatan(when they face two or more crimes punished in prison and money):-

Yakkootni hidhaa fi adabbii maallaqaatiin adabsiisan dachaa ta'anii yoo argaman,adabbiileen lameenuu walitti dabalamanii ni murtaa'u.Kunis:-

Haalli murtii adabbichaas adabbii hidhaa ilaalchisee bu'uura seera yakkaa keewwata 184(1)(b) tiin fi adabbii qarshii ilaalchisee keewwata 184(1)(d) tiinidha kan shallagamee murtaa'u.

- yakkootni dachaa lama ykn isaa ol ta'an adabbii qarshii hordofsiisan yoo mudatan:-

Yakkoonni lama ykn isaa ol ta'an adabbii qarshiitiin adabsiisan yeroo mudatan,tokkoon tokkoon yakka dachaa raawwatameef adabbiin barbaachisaa ta'e murtaa'ee hundumtuu ni ida'ama. Haa ta'u malee,yakkamtichi miira jaalala maallaqaatiin kan ka'een kan yakkicha raawwate yoo ta'e malee,adabbiin qarshii daangaa adabbii maallaqaa ol'aanaa kutaa waliigalaa seericha keessatti tumame darbuu hin qabu,Seera yakkaa keewwattoota 184(1)(e) fi 92.

Manni Murtichaa sababa yakkoota dachaa ta'an keessaa tokkoon qabeenyi adabamtichaa akka dhaalamu kan murteesse yoo ta'e,sababa yakka birootiin adabbii qarshii dabalataan murteessuu hin danda'u.

- yakkootni tumaa seera tokko darbamee mirga ykn faayidaa namoota lamaa ol ta'an irratti miidhaa gosa tokko qabu qaqqabsiise yoo mudatan:-

Yakki dachaa yaada yakka tokko raawwachuun ykn dagannoon yakki inni raawwate tumaa seeraa tokko kan darbu ta'ee mirga ykn faayidaa namoota lakkoofsi isaanii lamaa ol ta'an irratti miidhaa akaakuu tokko qabu kan hordofsiise yoo ta'e,adabbiin bu'uura seera yakkaa keewwata 184(1) tiin murtaa'a,keewwata 60(c),184(2).

- yakki dachaa duraan raawwatame murtiin booda beekamuu:-

Balleessichi yakkaan itti murtaa'ee adabbicha raawwachaa utuu jiru ykn erga xumureen booda,murtiin kennamuun dura yakka dachaa biroo raawwate jiraachuun isaa yoo barame,Manni Murtichaa yakkoota dachaa balleessichi raawwateen yeroo tokkotti osoo itti murtaa'ee jiraate,adabbii ol'aanaa silaa itti murtaa'uu danda'u osoo hin darbin(adabbii dursee murtaa'e tilmaama keessa galchuun) adabbicha ni murteessa,Seera yakkaa keewwata 186.

adabbii yakkoota daddabalama goch-tokkee ykn gocha tokkoon seera adda addaa cabsuu(187):-

#1ffaa,yakkamtichi gocha yakkaa tokkoon yeroo tokkotti tumaalee seeraa adda addaa #itti_yaadee fi karoorfatee seera darbuun isaa ykn amala badaa kan agarsiise yoo ta'e,adabbiin bu'uura seera yakkaa keewwata 184 fi 187(1) tiin herregamee murtaa'a.

#2ffaa,yakkamaan yakkoota dachaa kan raawwate #dagannoon ykn osoo hin karoorfatin ykn amala badaa kan hin qabne ta'uu isaa yoo amaname,yakka caala cimaaf gulantaa bahu irratti tokkoon tokkoon yakka daddabalamaaf gulantaa lama dabaluun adabbiin shallagamee murtaa'a.Seera yakkaa keewwata 187(1)(b) fi Qajeelfama adabbii Federaalaa Fooyya'ee bahe Lakkoofsa 2/2006 keewwata 22(1)(b).

yakkoota dachaa bu'aa qabatamaa adda addaa hordofsiisan:

yakki itti yaadamee raawwatame faayidaa hawaasaa yoo miidhe:-

Yakkoonni balleessichi itti yaadee raawwate nageenyaa fi faayidaa hawaasaa kan miidhan ta'anii yommuu argaman,Manni Murtii bu'uura seera yakkaa keewwata 184 tiin adabbicha cimsee murteessa.Seera Yakkaa keewwata 66(2).

Gara fuula 4 tti naanna'e

# Ispoortii



## Atileetota Daa'ima argataniif kennaan bara haarayaa kenname.

Pirezidantin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Komaandar Daraartuu Tulluu fi qondaaltota federeeshinichaa biroo waliin tahuun atleetota bara 2013 keessa ilmaan argataniif kennaa bara haarayaa mana isaaniitti argamuun kennaniifii jiran.

Atileetonni kanneen Olompikii, Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa fi dorgommiin idil-addunyaa biroorratti atileetota biyya bakka bu’anii fi bu’aa galmeessaniidha.

Atileetonni badhaasa argatan kunneen Tirfee Tsaggaayee, Soofiyaa Asaffaa, Balaayinash Oljirraa fi Atileet Hiywat Ayyaalawi.



Soofiyaan atileetii fiigicha meetira 3000 gufachiisaan waltajjii Olompikii irratti gama dubartootaan meedaaliyaa tokkicha biyyaaf argamsiisteedha.

Balaayinash Oljirraan ammoo irra deddeebiin biyya bakka buutee meetira 10,000’n dorgomtee jirti.

Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa Mooskoo bara 2013 irrattis Xurunash Warqii yoo argamsiiftu, isheen biyyaaf nahaasa argamsiiste.

Atileetota kanaaf kennaan abaaboo fi hoolaa kennameefii jira.

Fuula ‘Facebook’ Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaarraa odeeffanne.

## Kilabni dubaraa Baankii Daldala Itoophiyaa dorgommii shaampiyoonsi Liigii Seekaafaa dubartootaa sadarkaa 2ffaan xumure.

Dorgommii shaampiyoonsi Liigii Seekaafaa Dubartootaa Keeniyaa Naayiroobi gaggeeyfame irratti Itoophiyaa bakka bu’ee kan hirmaate gareen dubaraa Baankii daldala Itoophiyaa, maayyiirratti kilabii Keeniyaa Vihiigaa Kuweensiin moohamuun sadarkaa 2ffaan xumure.




Dorgommii Kilaboonnii Bahaa fi jiddugaleessa Afrikaa 8 irratti hirmaatan kanaan durarraa eegalanii ga’umsa gaariin tapha xumuraatiif kan gahe Kilabni dubaraa Baankii daldala Itoophiyaa tapha xumuraa Kilabii Keeniyaa Vihiigaa Kuweensii waliin taphateen ammoo hin milkooyne.

Tapha walakkaa xumuraarraa taphattuu takka jijjiiranii tapha kanaaf dirree kan seenan gareen dubaraa Baankii daldala Itoophiyaa, haalli qilleensaatiis waan ulfaataa tureef moohamanii harka kennuuf dirqaman.

kilabni Keeniyaa Vihiigaa Kuweensi gooliiwwan lama Jeentiriiksi Shikaangaawaa boqonnaa dura fi booda taphaa fi rukuttaa adabbiitiin galchiteen 2 fi 1’n Baankii daldala Itoophiyaa moohatan.

Goolii takkittii Baankii daldala Itoophiyaa moohamuurraa hin baraarin Viiviyaan Maakowaatu garee isheerra lakkoofsise.

Garee Baankii daldala Itoophiyaa moohatanii shaampiyoonii dorgommii shaampiyoonsi Liigii Seekaafaa dubartootaa baranaa kan tahan kilabni Keeniyaa Vihiigaa Kuweensi, Bahaa fi jiddugaleessaa Afrikaa bakka ba’uun dorgommii shaampiyoonsi Liigii Afrikaa dubartootaa barana yeroo jalqabaatiif biyya Misraa gaggeeyfamu irratti kan hirmaatan taha.

Duursituun taphattoota Baankii daldala Itoophiyaa Loozaa Abarraa dorgommicharratti gooliiwwan 13 galchuun badhaafamtee jirti.

Kilabni Yugaandaa Liidii Doovsi ammoo sadarkaa 3ffaa qabachuun xumuree jira.

## Taphataa Adabbii Waggaa 12 Booda Kubbaa Miilaatti deebi'e.

Maqaan isaa Firaansiskoo Filaashii jedhama.

Lammii biyya xaaliyaani. Kilabii keessatti guddate Saampidooriyaaf tapha 280 taphatee gooliiwwan 110 galchuun kilabicha biratti kabajaa guddaa qaba.

Firaansiskoo Filaashii duursaa kilabii Saampidooriyaa yoo tahu, bara 2007 keessa Sampidooriyaa duursuun Intar Miilaan waliin taphachuuf sagantaa qabatan, Sambata ganama Amajji 28 bara 2007 qoratamee baalli sammuu nama hadoochu Kookiin jedhamu

dhiiga isaa keessatti argamuun erga mirkanaawe booda, waldaa kubbaa miilaatiin waggaa 2’f sochii kubbaa miilaa kamirraahuu adabame.

Wayta mudannoo san yaadatee dubbatu ‘‘Yeroo sanitti waa hundaan dhabe,“ kan jedhu Filaachiin ‘‘Jeenowaa keessatti nama addaatiin ture, Bara san goolii lama galchuuniin jalqabe. Dhiyeenyatti ammoo garee





biyyaalessaatiif yaamame.’’

Waggaa lama booda garuu taphni kubba miilaa isaa ni raawwate. Erga adabbii isaa xumre booda, bara 2009 keessa Kilabii Siiriyaa B Impoolii ja’amuuf mallatteeysee osoo taphataa jiruu qorannoo yeroo lammada isaaf godhameen qoricha kana fayyadamuun isaa mirkanaawe, kana hordofee waggaa 12’f sochii kubbaa miilaa kamirraa akka fagaatu adabbiin itti murtaawe.

Firaansiiksoo Filaashiin waggaa 12 kubbaa miilaarraa fagaachuuf dirqamuus, ammalee abdii hin kutanne.

Yeroo ammaa umrin isaa waggaa 46 yoo tahu, irra deebiin Saampidooriyaa waliin shaakala irratti argama.

Firaansiskoon yeroo dubbatu ‘‘jiruun kubbaa miilaatii alaa akka nama dukkana keessa jiraatuuti’’ kan ja’u gameessi kun ‘‘ammaas taanaan kubbaan miilaa nan taphatu, anaatu kubbaa miilaa taphata’’ jechuun dubbata.

JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA’AMUUN BU’URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!